Language L.20

# OROMI

مـركـز المعلومات الإسلامي
Islamic Information Center
للتعريف بالإسلام

Version Date: November 2025




Part of the

**ISLAMIC e-LIBRARY**

Learn more about Islam with our informative and educational materials, translated to over 50+ languages

@islamicicdxb

CONTENTS


SEENSA ISLAAMUMMAA
NABIYYII MUHAMMAD
Almasiih Iisaa ilma Maryam Ergamaa Rabbii
YAAD-RIIMEE GOOFTAA ISLAAMUMMAA KEESSATTI
QUR'AANA Mul'ata dhumaa dhala namaaf
KAAYYOON JIREENYAA MAALI?
HUBANNOO DOGOGORAA ISLAAMAAN WAL ILAALLATU
Mirga Dubartootaa Islaamummaa Keessatti
DINQII SAAYINSAWAA QUR'AANA
DU'A & AAKHIRA ISLAAMUMMAA KEESSATTI


# SEENSA ISLAAMUMMAA

OROMI | (01/10) نبذة عن الإسلام | FREE COPY

- Haala Jireenyaa Qabatamaa Fi Madaalawaa
- Rabbii Waliin Walitti Dhufeenya Cimaa fi Kallattii Qabaachuu
- Waa'ee Rabbii Hubannoo Sirrii fi Ifa Ta'e
- Ergaa Yeroo fi Bakka Hundaaf Mijataa Ta'e


جمعية دار البر
Dar Al Ber Society
www.daralber.ae

الإمارات
THE EMIRATES

Your Path To Peace..

مركز المعلومات الإسلامي
Islamic Information Center
للتعريف بالإسلام

تصريح رقم: (2017/139)
دائرة الشؤون الإسلامية والعمل الخيري
Islamic Affairs & Charitable Activities Department

www.islamicic.com

CONTENTS
































# Islaamummaan Maali?

Islaamummaan Rabii tokkicha dhugaa ("Allaah" afaan Arabaatiin) amanuu, Isa qofa gabbaruu fi Nabi Muhammad ﷺ ergamtoota Isaa keessaa isa dhumaa ta'uu isaa amanuudha

Tilmaamaan namoota afur keessaa tokko (23 %) musliima jechuun ni danda'ama. Kunis Muslimoonni addunyaa biiliyoona lamaa ol ta'u jechudha.

Hordoftoonni Islaamaa "Musliima" jedhamuun kan beekaman yoo ta'u, sanyii yookaan gosa kamiyyuu ta'uu danda'u.

# Amantaa fi Ilaalcha

Rabbiin karaa mallattoolee isaatiin isatti akka amannu nu waama; beekumsa kanas qaama itti gaafatamummaa keenya keessaa isa tokko godheera. Kunis qormaata addunyaa kana keessaa isa tokko dha. Ilaalcha sirrii malee, odeeffannoon kamiyyuu nama tokko amansiisuu hin danda'u.

| ✓ | ✗ |
|---|---|
| Kaayyoo fi Sammuu Banaa | Amanuu dhabuuf Gufuuwwan/yaada dogoggoraa dursanii yaadaman |
| Gad of qabuu fi ikhlaasa | Of tuulummaa fi ofitti gowwoomuu |
| Kaayyoo jiraachuu keenyaa irratti xiinxaluu | Addunyaa kana qofa irratti xiyyeeffachuu |
| Mallattoo Rabbii hubachuu | Waan hundumaa akka hiika hin qabneetti ganuu. |

## Sababa 1ffaa: Jalqaba Uumamaa

Rabbitti amanuuf sababni inni jalqabaa waa'ee ka'umsa uumama kanaa yaaduu wajjin wal qabata.

Uumamni kun akkamitti argamee?

- ✗ Homaa irraa dhufee? Homaa irraa homaa hin dhufu. Kanaafuu, kun akka hin taane beekamaadha.
- ✗ Ofii uumee? Lakki, kun hiika hin qabu. Akka haati ofiin deesse jetteeti.
- ✗ Yeroo hundumaa ni jiraa? Lakki, saayinsiin ammayyaa uumamni bara baraa akka hin taane, garuu jalqaba akka qabu mirkaneessa.
- ✓ Uumamee turee? Eeyyee. Muslimoonni waan Uumaa irraa adda ta'e hundi uumamaa akka ta'e ni amanu.

**Garuu eenyutu Rabbiin uumee?**

Rabbiin hin uumamne. Inni jalqabaa isa duraati. Isa dura homaa hin turre fi Isa boodas homaa hin jirreedha. Uumama hafe irraa adda.

CONTENTS






## Sababa 2ffaa: Tartiiba uumama Kanaa

Rabbitti amanuuf sababni salphaan loojikii armaan gadii fayyadamuun tartiiba uumamaa irratti xiinxaluudha:

1.Wanti qindaa'e kamiyyuu jiraachuu beekumsaa agarsiisa.

2. Sirni aduu keenya sirna fi seera walxaxaa ta'een tartiiba olaanaa qaba.

3. Tartiibni uumama keenya beekumsa Uumaa agarsiisa!

Wantoonni uumamaa hedduun, jireenya deggeruuf addatti kan qophaa'an ta'uu isaanii ifatti argisiisu. Safartuuwwan kun kan amma jiran irraa xiqqollee osoo adda ta'anii jireenyi hin danda'amu ture. Fakkeenyonni kanneen akka:

Baqqaana (Layer) Oozonii

Furdina qola lafaa

Dhibbeentaa oksijiinii qilleensa keessa jiru

Fageenya aduu irraa

Walitti dhufeenya guddina aduu, Lafaa fi ji'aa

Uumamni bal'aa fi walxaxaa ta'e tokko karoora yookaan of eeggannoo malee, akka tasaa uumamuu danda'a ture jechuun ni danda'amaa?

Islaamummaan qorannoo fi xiinxala saayinsii akka jajjabeessu hubatamuu qaba. Saayinsiin mallattoolee Rabbiin uumama isaaf kenne akka hubannu nu gargaara. Kunis dandeettii fi ogummaa Rabbii irratti hubannoo keenya akka daballu nu godha.

## Sababa 3ffaa: Mul'ata - Qur'aana

Qur'aanni akkaataa, ogummaa, qajeelfama, dandeettii dubbii fi adda ta'uu isaatiin, akkasumas walitti dhufeenya dubbisaa (qara'aa) isaa wajjiin qabaachuu isaatiin adda waan ta'eef, jiraachuu Rabbiitiif ragaa cimaadha.

Dogoggora yookaan wal faallessuun hin jiru

Ibsa Rabbii sirrii fi ifa ta'e

Fiixee bareedina afaan Arabaa

Mul'ata gara Nabi Muhammad ﷺ kan dubbisuu fi barreessuu hin dandeenyeetti buufame

Tikfame - waggoota 1400 oliif osoo hin jijjiiramiin ture

Amala namaa irratti hubannoo gadi fagoo qabaachuu isaa

Namoota miliyoonotaan lakkaa'amaniin kan sammutti qabamu (haffazamu)

Dhugaawwan saayinsii yeroo sanatti hin beekamne of keessaa qaba

**Rabbiin ol'aanaan akkana jedha:**

"Dachii keessas isaan dhugaan amananiif mallattooleetu jiru. Lubbuu keessan keessas (akkasuma)Sila hin argitanuu?"

Qur'aana 51:20-21

CONTENTS
































# Rabbiin Eenyu?

Miidhagina Islaamaa keessaa inni guddaan tokko guutummaa, guddummaa fi tokkummaa Rabbii mamii tokko malee amanuu isaati.

- Rabbiin tokkoo fi adda waan ta'eef dorgomtoota, hiriyaa fi ilmaan hin qabu.
- Rabbiin, ulfinni isaaf haa ta'u, gabbaraan hundinuu giddu-galeessitoota malee kallattiin isaaf ni mala.
- Rabbii guutuu; hanqina fi dadhabina hin qabne.
- Rabbiin hunda caalaa mararfataadha. Inni nuti guutuu akka hin taanee fi cubbuu akka hojjennu ni beeka. Haa ta'u malee, furtuun yeroo hunda dogoggora keenya beekuu fi dhugaadhaan dhiifama gaafachuudha.
- Rabbiin uumama isaa keessa wal-makee hin jiraatu. Namni amaloota Rabbummaa isaa qooddatu hin jiru.

Islaamummaa keessatti yaad-rimee Rabbii hubachuuf yeroo yaallu, himannaa waa'ee uumama isaa ilaalchisee, sadarkaa Yesuus (عليه السلام) irratti mari'achuun barbaachisaa dha.

Islaamummaa keessatti, Yesuus (عليه السلام) akka Nabiyyii kabajamaa fi ergamaa Rabbii ta'e ni amanna. Garuu, Muslimoonni isa hin gabbaranii. Sababni isaas gabbaraan kan Rabbii (Allaahaa) qofa. Rabbiin Yesuusii fi waan jiru hunda uume waan ta'eef. Kanaaf, Yesuus (عليه السلام) Rabbii, ilma Rabbii yookaan qaama sadan tokkuma ta'uu isaa amanuun, barsiisa Rabbii Islaamummaa keessatti ifa ta'e kan faallessudha.

**Yesuus Rabbii yoo ta'e, gara eenyuu kadhachaa (Sagadaa) ture?**

Fakkeenyonni baay'een barsiisa kiristaanaa keessatti Yesuus qaama rabbii irraa adda ta'etti dubbachuu isaati. Fakkeenyaaf, Yesuus rabbii kadhateera.

**Rabbiin akkamitti guutuu fi guutuu ta'u dhabu kan danda'u?**

Yesuus dhalatee, nyaatee, rafee, beekumsa daangeffame qaba ture. Kun hundinuu amaloota rabbiif hin malleedha. Rabbiin guutummaatti kan ibsamu yoo ta'u, namni garuu faallaa kanaan hanquu fi dadhabinaaf kan bitamuu dha.

**Jechi "Ilma rabbi " jedhu dhuguma maal jechuudha?**

Jechi 'ilma rabbii' jedhu afaanota macaafa qulqulluu isa jalqabaa keessatti fakkeenyaan namoota baay'eedhaaf 'nama qajeelaaf kan itti fayyadame ta'uu arganna - Yesuusiif qofa miti. Rabbi ilma foonii fi dhugaa ta'e qabaachuu irraa qulqulluudha.

## Rabbii waan fedhe gochuu yoo danda'e maaliif nama ta'uu dadhabee?

Rabbiin yeroo hundumaa amaloota gutummaan kan ibsamu yoo ta'u, waan gutummaa isaa faallessu ykn miidhu tokkollee hin hojjetu. Hiika isaatiin "Rabbi" gocha rabbii hin taane hin raawwatu. Kanaafuu, Rabbii nama ta'ee amaloota namaa yoo fudhate, dirqamatti, kana booda Rabbii hin ta'u ture.


CONTENTS

























| Nabiyyoonni fi ergamtoonni hedduun kan akka: | Ergama Tokko |
| --- | --- |
| **Aadam, Nuuh, Ibraahim, Muusaa, Iisaa, Muhammad, fi kanneen biroo, nageenyi fi rahmanni hunduma isaanii irratti haa ta'u:** | • Yaad-rimee Waaqa tokkicha jedhu ni mirkaneessu.<br>• Waaqoolii fi amantaa sobaa ni didu.<br>• Akkaataa Rabbiin itti gabbaramu ni ibsu.<br>• Qajeelummaa fi amala gaariif fakkeenya ta'u.<br>• Isaanis mindaa ajajamuu (Jannataan) ibsu.<br>• Adabbii ajajamuu diduu (Ibidda Jahannamaa) ni akeekkachiisu. |

Rabbiin ergaa guddaa tokkicha—rabbii tokko gabbaruu, baroota hundumaatti gara saba hundaatti nabiyyoota erge. Muslimoonni nabiyyoota hunda jaallachuu fi kabajuf dirqama isaan irra jiraatus, waaqummaan kan Rabbii qofa waan ta'eef, isaanin hin gabbaran ykn waaqummaa isaaniif hin keennan.

## Kaayyoo Jireenyaa

Rabbii, Beekaan Hundumaa, kaayyoo malee akka uumamaan fedhii keenya guutuuf qofa nu hin uumne. Kana malee, kaayyoo ol aanaa qabna—Rabbitti amanuu, isa qofa gabbaruu fi akka seera isaatti jiraachuu. Qajeelfamni kun gama hundaan jireenya gammachuu fi milkaa'aa ta'eef furtuudha.
Ogummaan Rabbii isa daangaa hin qabnee keessa tokko, inni nu uumee, jireenya keenya keessaatti akka isa barru, fi filannoo mataa keenyaa akka goonu carraa nuuf kennuu isaati.

Islaamummaan akkaataa jireenyaa hunda-galeessa ta'ee fi Muslimoota madaallii fi fooyya'iinsa hawaasa keessatti waan gaarii ta'uu barsiisudha.

Islaamummaa keessatti yaad-rimeen ibaadaa salataa fi kadhannaa Rabbii qofa irratti kan daangeffamee miti; kana mannaa, yaad-rimee bal'aa ta'ee fi gocha Rabbiin gammachiisu hunda kan hammateedha. Fakkeenyonni kanaa kanneen akka:

- Jireenya hayyamamaa argachuu
- Yakka ofirraa ittisuu
- Yatiima kunuunsuu
- Naannoo kunuunsuu
- Obsaa fi gad of qabuu
- Hawaasa fayyaduu
- Warra kabajuu
- Haqaaf dhaabbachuu
- Ollaaf gaarummaa qabaachuu
- Rabbiin sodaachuu
- Maatiidhaaf waan barbaachisu dhiyeessuu

Hojiin ibaadaa Rabbiin gammachiisuuf niyyaa garaa qulqulluu kan barbaadu yoo ta'u, akkaataa qajeelfama Islaamaatiin sirnaan raawwatamuu qaba.

CONTENTS






# Islaamummaan waa'ee... maal jedhaa?

**Dubartootaa:** Dubartoonni Islaamummaa keessatti kabaja olaanaa qabu. Jaalalaa fi kabajaan ilaalamuu qabu. Obboleettii wal qixa dhiiraa waan ta'aniif, dhugaan kun jal'ina yookaan cunqursaan jijjiiramuu hin danda'u.

**Shororkeessummaa:** Islaamummaan namoota qulqulluu irratti xiyyeeffachuu ni dhorka; amantii isaanii osoo hin ilaalin. Islaamummaa keessatti lola gochuun kaayyoo kabajamaa fi seera qabeessa ta'e kan akka hawaasa eeguu, jal'inni akka hin babal'anne ittisuu fi haqa guddisuu qofaaf hayyamama.

**Nyaata hayyamamaa(Halaal):** Nyaata hayyamammaa jechuun kanneen Muslimoonni nyaachuu danda'an yoo ta'an, foon fi lukkuwwan gara laafummaadhaan, gidiraa xiqqaadhaan qalamuu akka qaban kan hammatu yoo ta'u, yeroo qalaa maqaan Rabbii waamamu qaba.

**Guddina fi Jijjiirama:** Rabbiin nama isa jalqabaa Aadam (AS) bifa isaa isa dhumaatiin kan uume yoo ta'u, suuta suutaan jaldeessa irraa hin jijjiiramne. Taatee seenaa addaa (dinqii) waan tureef kallattiin saayinsiidhaan mirkanaa'uu ykn haaluun hin danda'amu. Kanaaf daangaa qorannoo saayinsii yaaliitii ala ta'a.





HOTLINE
+971 56 204 2045
islamicicdxb
islamicic.com
info@islamicic.com
+971 4 355 5223
DOWNLOAD OROMOO FLYER
www.iicdxb.com/oromoo

CONTENTS


SEENSA ISLAAMUMMAA
NABIYYII MUHAMMAD
Almasiih Iisaa ilma Maryam Ergamaa Rabbii
YAAD-RIMEE GOOFTAA ISLAAMUMMAA KEESSATTI
QUR'AANA Mul'ata dhumaa dhala namaaf
KAAYYOON JIREENYAA MAALI?
HUBANNOO DOGOGGORAA ISLAAMAAN WAL QAALLATU
Mirga Dubartootaa Islaamummaa Keessatti
DINQII SAAYINSAWAA QUR'AANA
DU'A & AAKHIRA ISLAAMUMMAA KEESSATTI


# NABIYYII ﷺ MUHAMMAD

## Nama Kana Baruu sii Barbaachisa

OROMI | (02/10) | النبي محمد عليه الصلاة والسلام | FREE COPY

Seenaa jireenyaa isaa bal'aa baradhu


Dar Al Ber Society
www.daralber.ae
الإمارات THE EMIRATES
Your Path To Peace..
مركز المعلومات الإسلامي
Islamic Information Center
للتعريف بالإسلام
تصريح رقم: (2017/139)
دائرة الشؤون الإسلامية والعمل الخيري
Islamic Affairs & Charitable Activities Department
www.islamicic.com

CONTENTS






# Muhammad ﷺ Eenyuu?

Muslimoonni nabi Muhammad ﷺ tarree nabiyyootaa isa dheeraa warra gara Rabbiin qofa gabbaruutti namoota waamuuf ergamanii keessaa marsaa dhumaa akka ta'e amanu. Sansalatni nabiyyootaa kun nabiyyoota kan akka Aadam, Nuuh, Ismaa'iil, Is-haaq, Ya'aquub, Yuusuf, Muusaa, Daawud, Suleymaan fi Iisaa of keessatti qabata. Rahmannifi nageenyi Rabbii isaan irra haa jiraatu.

> *Rabbiin ol'aanaan akkana jedha: " Dhugumatti ergmaa Rabbii keessaati nama Rabbii guyyaa aakhiraa sodaatee rabbiin baay'inaan yaadatuuf hidhannaa gaariitu jira."*
>
> Qur'aana 33:21

Muslimoonni akkuma kana Muusaa ﷺ irratti Toora (Tawraat) buufamuu (mul'ata hin jallanne isa gara Muusaatti gadi bu'e), Iisaa ﷺ irrattis, Wangeelii (Injiili) buufamuu (mul'ata hin jallanne isa gara Iisaatti gadi bu'e) amaninitti, Nabi Muhammadis ﷺ akka isaan qajeeloo ta'aniif (sodaataniif), waan itti bu'e namootaaf ibsuuf Qur'aanni itti buusee ture.

Haati mu'uminootaa Aa'ishaan waa'ee haala Nabiyyii ﷺ gaafatamtee ni jette: "Inni ﷺ amalli isaa Qur'aana ture." Kana jechuun jireenya isaanii keessatti Qur'aana hojii irra oolcha jechuudha. Kan armaan gadi keessatti Nabiyyii ﷺ akkamitti akka barsiisa Qur'aaaa gocha nabiyyummaa kabajamaa ta'een hojiira oolchan ni ibsina.

## Ergamaa Rahmataa (Araaraa)

Nabiyyii gara salaataa, soomaafi zakaa qofatti namoota hin waamne. Garuu iimaanni namni Rabbitti amanuun isaa hariiroo gaarii inni namoota biroo wajiin akka ilaallatu barsiisaniiru. Nabiyyii (ﷺ) ni jedhan:"caalaan keessan nama isin keessaa akkaan amala gaaritti".


> *"Rabbiin ol'aanaan akkana jedhe: "Addunyaa maraaf rahmata taasifnee malee si hin ﷺ."*
>
> Qur'aana 21:107

Jechoonni Nabiyyii ﷺ kan iimaanni hojii wallin hariiroo qabaachuu ibsanu baay'eedha. Sana keessaa akka fakkeenyaatti Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: "namni Rabbiifi guyyaa aakhiraatti amane ollaa isaa hin rakkisin. Ammas namni Rabbiifi guyyaa aakhiraatti amane keessummaa isaa haa kabaju. Ammas namni Rabbiifi guyyaa aakhiraatti amane waan gaarii haa dubbatu yookiin haa callisu." Bukhaariitu (6018) gabaase.

Xumurri ergamootaa ﷺ ilma nama hundaa walii laafuufi gariin isaanii garii mararfachuu barsiisaniiru. Ergamaan Rabbii ﷺ ni

CONTENTS


























jedhan: “namni hin mararfatin hin mararfatamu.” Bukhaariitu gabaase. Bukhaariu(5597)

Gabaasa biraa keessatti immoo sahaabaan gariin akka Rabbiin mushrikoota (warra Rabbitti ganan) irratti adabbii buusu kadhatan ergamaa Rabbii ﷺ gaafatan. Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: “ani abaaraa godhamee hin eergamne. Ani rahmataanin ergaame.” Muslimtu (2599) gabaase.

## Dhiifama Godhuu

Nabiyyiin ﷺ namoota hunda caalaa dhiifama godhaa; qalbis gaaromaadha. Yeroo namni tokko isaan rakkise dhiifama godhuuf. Hanguma namni wahii isaan rakkisuu baay’isuun obsi isaanii baay’ata.

*"Rabbiin ol’aanaa ni jedhe: “dhilfama haa godhan; irra haa taran. Sila Rabbiin isiniif araaramuu hin jaalattanu?”*

Qur'aana 24 : 22

Dhiifama godhuufi araarama baay’atu turan. Keessuma yeroo taayitaan kan isaaii ta’uufi namoonni isaanlif ajajaman dhiifama baay’isu.

Nabiyyiin ﷺ yeroo hundaa araarama turan. Isaan bira yoo hangam ulfaateyyuu daangaa taruun hin jiru. Dhiifama godhuu, araaramuufi badii dagachuu keessatti hidhannoo gaarii qabuu turan. Kanaan jecha Rabbii kana qabatan:

**Rabbiin ol’aanaan akkana jedhe: “Haala (namootaa irraa isa) laafaa qabadhu; toltuttis ajaji; wallaalaa irraahis gara gali.” (Qur’aana 7: 199).**

## Wal Qixxummaa

Hadiisolee armaan gadii keessatti Nabiyyiin ﷺ ilma namaa hundaa akka isaan Rabbii biratti wal qixa ta’an barsilsu.

*Rabbiin ol ta’e ni jedhe: “Rabbiin biratti irra kabajamaan keessan, irra Rabbiin sodaataa keessani.”*

Qur'aana 49 : 13

Nabiyyiin ﷺ ni jedhan: “abbaan keessan Aadami. Aadam biyyee irraayi. Arabni kan Araba hin yookaan gurraachi diimaa irra sodaa Rabbittiin malee caaliinsa hin qabu.” Ahmadtu gabase(23489).

Ammas Nabiyyiin ﷺ ni jedhan: “Rabbiin ol ta’e suuraa keessaniifi qabeenya keessan hin ilaalu. Garuu qalbii keessaniifi hojii keessan ilaala.” Muslimtu gabase(2564).

Hadiisa keessatti akka dhufetti sahaabaan Nabiyyii ﷺ tokko sahaabaa biraa haala hin taaneen waame. “Yaa ilma haadha gurraattii!” jedhe. Nabiyyiin ﷺ sana dallananii ni jedhan: “haadha isaatiin isa arrabsitee! Ati nama wallaalummaan si keessa jiruudha.” Bukharritu gabase(30) .

CONTENTS






# Wal Danda'uu

> *Rabbiin ol'aanaan akkana jedhe: "(Hojiin) gaariniifi hamtuun wal hin qixxaa'an. Ishee toltuu taateen deebisi. Yeroma san inni gidduu keetiifi gidduu isaa diinummaan jiru akka jaalaloo firaa ta'uu (agarta)."*
>
> Qur'aana 41: 34

Maalummaa dhuma nabiyyootaa keessatti kan dhufe: "inni hamtuu hamtuudhaan hin deebisu. Garuu dhiifama godhee irra tara." Bukhaariitu gabaase . Nabiyyiin ﷺ waan mirga isaanii tuqeefi daangaa isaan irratti tarame hundaawuu haala kanaan deebisu.

Maddoonni Islaamaa baay'een kan akka Nabiyyiin ﷺ namoota isaan rakksan irraa haloo bahachuu danda'aa dhiisani araraman akeekan baay'eetu jiru.

Yeroo rakkon nama mudate akka obsan namoota barsiisaa turan. Ergamaan Rabbii ﷺ sahaabaa tokko gorsaa ni jedhan: "jabeenyi wallaansoon nama kuffisuu miti. Jabeenyi nama yeroo dallansuu lubbuu ofii to'atuudha." Bukhaariitu gabaase .

Obsaafi wal danda'uu qabachuu jechuun Muslimoonni dadhabaa kan roorroo of irraa hin deebifne ta'a jechuu miti. Nabiyyiin ﷺ ni jedhan: "diinaan wal qunnamu bin hawwinaa. Nageenya Rabbiin kadhaa. Yeroo isaaniin wal qunnamtan immoo obsaa." Bukhaariitu gabaase . (2966)

# Garaa Laafuu

Sahaaban tokko kan Ergamaa Rabbii ﷺ waggaa 10 tajaajile akka Nabiyyiin ﷺ yeroo hunda gara laafaa ta'an ibseera. Ni jedhe: "waan ani hojiadhe keessatti maaliif waan akkanaa akkanaa hojiatte? Waan ani hin hojiatiniin immoo maaliif waan akkanaa hojiachuu dhiifte? Naan hin jenne." Ahmadtu gabaase . (12784). Namoota hundarra nama jaallatu turan.

> *"Rahmata Rabbiraa ta'een isaaniif laafte. Odoo ati nama haala gadheefi qalbii gogaa taatee silaa si biraa faca'u turan."*
>
> Qur'aana 3 : 159

Deebiin haadha manaa Nabiyyii ﷺ tokko yeroo namni wahii "duuti sirra haa jiraatu" jechuun Nabiyyii ﷺ xiqqeessu dallansuudhaan duutiifi abaarsi sirra haa jiraatu kan jedhu ture.

Nabiyyiin ﷺ ishee gorsanii ni jedhan: "yaa Aa'ishaa suuta jedhi. Rabbiin ol ta'e mararfataadha. Waan hunda keessattuu garaa laafuu jaalata." Bukhaariitu gabaase .

Ammas Nabiyyiin ﷺ ni jedhan: "Gaarumman waa tokko keessatti yoo jiraate isa midhagsu malee hin dhiisu. Waan tokko keessa ka'ee immoo isa balleessu malee hin hafu." Muslimtu gabaase .

CONTENTS




# Of Gadi Qabuu

Nabiyyiin ﷺ yeroo hundaawuu nanni taa'umsa irraa isaaniif ka'uu ni dhorgu turan. Taa'umsa bakkuma argatan taa'u. Guyyuma tokkoyyuu huccuu sahaabota isaanii irraa adda isaan godhu uffatanii hin beekan.

"Gabroonni Rahmaan isaan suutaan Dachi iira deeman; yeroo wallaaltonni isaan dubbisanis "Salaaman" (nagaa) jedhanuudha."

Qur'aana 25 : 64

Hiyyeeyyii waliin wal makachuu, jarsolii waliin taa'uufi haadha hiyyeessaa gargaaruu aadeffataniiru. Yeroo isaan walakkaa namaa jiran nanni isaan hin beekne adda hin baasu.

Nabiyyiin ﷺ sahaabota isaaniitin dubbatani ni jedhan: **"Rabbiin al'aanan akka namni tokko kan biraa irratti hin boonneefi kan biraa irratti daangaa hin tarreef jecha of gadi gadi qabuu natti beeksise."** Muslimtu gabaase (2865).

Wanta of gadi qabuu isaanii akeeku keessaa tokko Rabbii gaditti gabbaramu sodaachuu isaaniiti. Eergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhan:
**"akka Kiristaanonni Iisaa ilma Maryam ol guddisuu keessa daangaa dabariste ana daangaa hin dabarsinaa. Ani gabricha Rabbiiti. Gabricha Rabbii ergamaa Isaa naan jedhaa."** Bukhaariitu gabaase (3445).

Rabbiin ol'aanaan akkana jedhe: "Haala gaariidhan haadha manaa keessanii waliin jiraadhaa."

Qur'aana 4:19

# Abbaa Manaa Fakkeenya Ta'u

Haati Mu'uminootaa jaalalloon Ergamaa Rabbli ﷺ Aai'shaan, Rabbiin ishee irraa haa jaallatu, akkana jette: **"Nabiyyiin ﷺ tajaajila maatii isaanii keessa turu. Huccuu isaanii hodhu. Kophee isaaniis ni suphu. Akkuma tokkoon keessan mana isaa keessatti hoijatuyyi hoijatu turan.** Ahmadtu gabaase (25341).

Nabiyyiin ﷺ maatii isaanititif qofa tola hin oolanu turan. Sahaabota isaaniis karaa isaanii hordofuutti kakaasaniiru. Nabiyyiin ﷺ ni jedhan: **"mu'uminoota keessaa namni ilmaana guutuun nama akkaan amala gaariifi haadha manaa isaatif tola ooluudha."** Ahmadtu gabaase .(24204)

CONTENTS






# Fakkeenya Gaarii

> *Rabbiin ol'aanaan akkana jedhe: " Ati amala guddaa (kabajamaa) irra jirta."*
>
> Qur'aana 68:4

Wanti dubbannee dabarsine hundinuu jireenya Nabiyyii ﷺ keessaa fakkeenya xiqqoodha. Namoonni gariin warri Islaama kallattii miidiyaa waae Nabiyyii ﷺ jallisanii dhiheessanii irraa hubatan ejjennoowwan gara laafina fi rahmata agarsiisan kunniin ajaa'ibsiifachuu danda'u.

Wanti akkaan barbaachisaan tokko, nuti yeroo Islaama hubachuu feene gara madda isaa deemuun dirgama ta'a. Innis Qur'aanaa fi gocha Nabiyyii Muhammad ﷺ . Namni gocha dogongoraa garii Muslimaa irraa argamuun Islaama irratti waa murteessuun sirrii miti.

# Warri Muslima hin Ta'in Waa'ee Isaanii Maal Dubbatan

Hogganaan sochii siyaasaa fi biisummaa biyyaa Hindii kan tae Mahaatama kan ture ni jedhe: **"nama sirriifi waadaa keessatti dhugaa ta'uu waliin namatti ulfaachuu dhabuun Ergamaa Rabbii, hojiitti of fixuun isaa, hiriyootaafi hordoftoota isaatiii amanamaa ta'uun isaa, Rabbii isaatiii ergaa isaa keessatti of amanuusa wallin gootummaan isaa, amaloota kanatu karaa sireessitee rakkoohundaa tarkanfatte. Kan tarkanfachise sayfi (goraadee) dhaan miti".**

Barreessaan Ingilizii Joorg Bernaand ni jedhe: **"yeroo ammaa addunyyaan waan hunda irra nama akka Muhammad kan rakkoo ishee furutti haajomti. Abbootiin amantii bara jiddu galeessaa keessa, sababa wallaaluma yookiin amantii ofi qofaaf falmuu isaanitiin amantii Muhammad bifa gurraachaan kaasani. Diina kiristaanotaatti isa fudhatu. Ani dhimma nama kanaa ilaalee raaji takkaa hin jirre ta'uun arge. Akka inni kiristaanaaf diina hin taanes nan bare. Inumayyuu tiksaa namootaa jedhamuu qaba. Akka yaada kiyyaatti inni osoo dhimma addunyaa kana hogganee silaa rakkoo keenya furee nageenyaafi tasgabbii addunyaan barbaaddu fida ture. Odoma addunyaa Awurooppaa namni akka Muhammad hogganee rakkoo ishee hundaa ni fura. Kanaafuu tiksaa namootaa jedhamuu qaba.**

CONTENTS


SEENSA ISLAAMUMMAA
NABIYYII MUHAMMAD
Almasiih Iisaa ilma Maryam Ergamaa Rabbii
YAAD-RIMEE GOOFTAA ISLAAMUMMAA KEESSATTI
QUR'AANA Mul'ata dhumaa dhala namaaf
KAAYYOON JIREENYAA MAALI?
HUBANNOO DOGONGORAA ISLAAMAAN WAL LAALLATU
Mirga Dubartootaa Islaamummaa Keessatti
DINQII SAAYINSAWAA A QUR'AANA
DU'A & AAKHIRA ISLAAMUMMAA KEESSATTI


# Almasiih Iisaa ilma Maryam

## Ergamaa Rabbii

OROMI (03/10) النبي عيسى عليه الصلاة والسلام FREE COPY

Muslimoomi Iisaa ﷺ ni Jaalatu.

**Bu'uuraa Amantii Baradhu**


Dar Al Ber Society
www.daralber.ae
الإمارات THE EMIRATES
Your Path To Peace..
مركز المعلومات الإسلامي
Islamic Information Center
للتعريف بالإسلام
تصريح رقم: (2017/139)
دائرة الشؤون الإسلامية والعمل الخيري
Islamic Affairs & Charitable Activities Department
www.islamicic.com


CONTENTS

























Iisaan, nageenyi isarra haa jiraatu, namoota miliyoonotaan lakka'aman addunyaa irra jiranuun ni jaallatama. Garuu maalummaa isaa ilaalchisee mamii fi falmii baay'eetu jira. Muslimoonniifi kiristaanonni Iisaa ni jaalatu. Garuu maalummaa isaa murteessuu irratti garaagarummaan jidduu isaani jiru akka dachiifi samiitti wal irraa fagaata.

Barruun kun dhimma Iisaa ilaallatu ibsuutti xiyyeeffatti. Sila Iisaan Rabbimoo Rabbitu isa erge? Iisaan inni dhugaa eenyu?

## Iisaa Akka Gooftaatti

Kiristaanonni gariin Iisaan "Rabbi" yookiin sadeessituu Rabbiiti jedhu. Waaqaatu bifa isaatiin foon uffatee dachii irra dhufe, Rabbiitu boca namaa godhate jedhu. Kanuma waliin akka kitaaba qulqulluu kiristaanota bira jiruutiin Iisaan ni dhalate, ni nyaata, ni dhuga, ni rafa, ni sagada, beekumsii isaa waan hundaa wal gahee hin jiru.

Amallooni kun immoo Rabbii waliin hin deemtu. Rabbiin amala guutuu qaba. Namni immoo faallaa kanaa hanqina irratti uumamee. Akkamitti wanta tokko yeroo tokko keessatti waan wal faallessu lama ta'a?

Islaamni akka Rabbiin yeroo hundaa amala guutuu ta'e qabu nu barsiisa. Gooftaan nama ta'eera yookiin ni ta'a jechuun Rabbiin yeroo murtaa'ee wahii keessa amala hanqinaa godhate jechuu dha. Kiristaanni kamuu wanti inni of gaafachuu qabu "sila Rabbiin yeroo wahii keessa daa'ima dadhabaa yookiin nama nyaata, dhugaatiifi hirriba malee jiraachuu hin dandeenye ta'ee ka'ee Rabbii amala guutuu kakuu moofaa keessatti ibsame qabu ta'uu danda'aan amanaa?" kan jedhudha.. Kun mamii tokko malee sirri miti.

Namni gariin "Rabbiin erga waan hundaa danda'aa ta'ee maaltu nama ta'uu isaaf hin mijoofne?" jedhee gaafachuun ni mala.

Hiikuma irraa kaanee Rabbiin akka uumamaa hin jijjiiramuu barra. Gochaafi amala keessatti uumamatti hin fakkaatu. Amala guutummaafi kabajaa malee isa irraa hin argamu waan ta'eef. Kanaafuu Rabbiin yeroo uumama ta'e ykn amala isaanii fudhate yeroo sana gonkumaa gooftaa ta'uu hin danda'u.

Keeyyattonni kitaaba qulqulluu keessa jirtu gariin akka Iisaan gooftaa ta'e kallattii dogongoraan fakkeessuf ni mijaa'a. Garuu yeroo keeyyata kitaaba qulqulluu keessa jiru ilaalle akka isheen ragaa kallattiifi ifaan irra deddeebitee Iisaan nama Rabbiin biraa ergamee ta'eefi sanaa ol homaa ta'uu hin dandeenye akeektu argina. Kitaabni qulqulluun keeyyattoota baay'ee kan Iisaan ishee keessatti akka Rabbiin isaan ala ta'e ibsuufi akkas godhee hojjatu baay'eetu jira. Isaan keessas:

- Yesuus "fuula isaatiin gadi kufee sagade." (Maatiyoos 26:39). Iisaan yeroo Rabbiin ta'e, Rabbiin sagadaaf fullaan lafatti kufuun ni yaadamaa? Eenyuuf sagadaaree?
- Iisaan kitaaba qulqulluu kiristaanota bira jiru keessatti akka nabiyyii ta'e ibsameera. (Maatiyoos: 10/ 11-21). Egaa Iisaadhaaf akkamitti Gooftaa ta'aa ergamaa gooftichuma sana irraa ergame ta'uun mijaa'a ree?
- Iisaan ni jedhe: "ani gara abbaa kiyyaan deemaa jira; sababni isaas inni ana irra guddaa waan ta'eef." (Yohaannis: 14/28)


CONTENTS





















- Iisaan ni jedhe: “ani gara abbaa kiyyaafi abbaa keessanii, gooftaa kiyyaafi gooftaa keessaniin kora. (Yohaannis 20/17). Iisaan yoo gooftaa ta’eef akkamitti gooftaa kiyyaafi gooftaa keessan jedha. Gara eenyuu kora?

Iisaan osoo gooftaa ta’ee akka namoomi isa gabbaran sirriitti dubbata ture. Silaa keeyyattoonni kitaaba qulqulluus sirritti sana akeekti ture. Silaa mata duree kana jalatti keeyyanni iftuun jiraatti ture. Garuu inni nama tokkollee isa gabbaruutti hin ajajne. Nama tokko gooftummaadhaan isa dubbate irrattuu hin callifne. (Maatiyoos 15:9)

## “Ilma Rabbii!”

Kiristaanonni gariin “Iisaan ilma Rabbiiti” jedhu. Hiikti kanaa inni dhugaa maali? Rabbiin ilmi qaamaan dhalatu isa irraa argamuu irraa qulqullaa’eera. Yoo nama ilaalle isaan ilmaan xixiqooo qabu. Adurrees yoo fudhanne ilmaan xixiqooo qabdi. Ilmoon gooftaa immoo maal jechuudha?

Jecha kana hiika kallattii itti kennuu irra hiikti jecha “ilma Rabbii” jedhu kan kitaabni qulqulluun duraanii itti fayyadamaa ture soorgoo yoo ta’u gabricha gaarii jechuu akeekuufi. Kitaabicha keessatti Daawud, Suleymaanifi Ya’aquubiin ilma Rabbii jedhamaniiru. Iisaa qofaan hin jedhamne. “Israa’iil ilma koo isa hangafaati.” (Seera Ba’uu 4:22).

> **Qur’aannis ni ibsa: “Rabbiif ilma taasifachuun hin malu. Inni qulqullaa’e. Yeroo dhimma tokko murteesse wanti Inni jedhu “ta’i” jechuu qofa. Yeroma san ta’a.”**
>
> Qur’aana 19: 35

Dhugaa isaa yoo fudhanne jechi ilma jedhu gabricha Rabbii gaggaariifi gabrittii Rabbii gaggaarii taate hunda akeeka. Ergaa Phaawuloos warra Roomaatif erge keessatti “warri ajaja Rabbittiif ajajaman hunduu ilmaan Rabbiiti” jedhe. (8:14).

## Abbaa fi Gooftaa

Haaluma wal fakkaatuun jechi abbaa jedhu yeroo itti fayyadamnu kallattiin fudhatamuu hin qabu. Bakka kanatti kanisheen fayyaddu Rabbii uumaa waa hundaa ta’e jechuufi. Keeyyattoonni baay’een kan jecha abbaa jedhu soorgoo isaatti fayyadaman ni jiru. Fakkeenyaaf “maraafuu Gooftaa tokkichaafi Abbaa tokkicha” (ergaa Phaawuloos gara Aafas 4:6).

Dabalataan, barattoonni Iisaa maqaa “gooftaa” jedhuun isa ni waamu. Jechi kun afaan Wangeelii isa jalqabaa keessatti “Rabbii” fi “namoota kabajaa guddaa qaban” ibsuuf tajaajila. Fakkeenyaaf kakuu moofaa Afaan girilkii keessatti jechi “kyrios” jedhu “Rabbii” fi “nama kabajamaa” ibsuuf tajaajila. (Maatiwoos 20:8). Akkasumas, kana gooftaa gabricha isaa hin ajajmne rukutu ibsuufis ni tajaajila. (Luqaas 20: 42-47).

Wangeellii bakka biraa keessatti barattoonni Iisaa “Gabricha Rabbii” Iisaadhaan jedhan.

CONTENTS
































"Rabbiin abbaa keenyaa gabricha isaa Yesuusiin guddiseera." (Hojii Ergamootaa 3:13). Kana irraa wanti sirriitti hubatamu jechi gooftaa jedhu ogga gara Iisaatti hirkifamu kabajaatu itti fedhame malee Rabbiin ta'ee gabbaramaa jechuu miti.

## Iisaa, Nabiyyii Rabbii

Yahuudonni Iisaan, Almasiih isa dhufuun eegamaa jiru ta'uu morman. Kun immoo barnoota kiristaanaa isa Iisaan akka Rabbiitti yookiin ilma Rabbiitti gabbaramuun guutuutti wal faallessa. Islaamummaan amantii kana lamaan jidduudha. Iisaan, Masiih ilma Maryam ergamaa amanamaa Rabbiin biraa dhufe ta'uu mirkaneesse. Akkuma kana Masiih isa eeggatamaa ture ta'uus ibse. Garuu Muslimoonni isa hin gabbaranu. Gabbaraan Rabbii Iisaa fi waan biraa hunda uumeef malee hin taatu.

**Rabbiin ol'aanaan akkana jedha: "Ani gabricha Rabbiiti. Kitaaba naaf kennee Nabiyyii na taasise."**

Qur'aaaa 19:30

## Dhaloota Dinqii

Akka ibsa Qur'aanaatti Rabbiin ol ta'e Malaa'ikaan Jibriil bifa namaatiin gara Maryamitti erge. Akka isheen raajii Rabbiin biraa ta'een odoo namni ishee hin tuqin ilma deessu isheetti hime.

Rabbiin ol'aanaan akkana jedha: **"(Jibrill) 'Ani ergamaa Rabbii keeti; akkan ilma qulqulluu siif kennuuf (Rabbiin na erge)' jedheen. isheenis 'odoo namni tokko ana hin tuqin, sagaagaltuus odoon hin ta'in akkamitti ilmi naaf ta'uu danda'a?' jette."**

Qur'aana 19:19-21

Namoonni gariin "dhaloonni raajiin kun Rabbiin ta'uu isaa akeeka" jedhan. Garuu Iisaan nama si'a jalqabaatiif abbaa malee uumamee miti. Aadam, nagaan isarra haa jiraatu, dura isaa abbaafi haadha malee uumame. Rabbiin ol ta'e ni jedhe:

**Dhugumatti, fakkeenyi Iisaa Rabbiin biratti akka fakkeenya Aadami. Biyee irraa isa uume. Ergasii 'ta'i' isaan jedhe. Innis yeroma san ta'e. Dhugaan Gooftaa kee biraayyi; shakkitoota irraa hin ta'in."**

Qur'aana 3:59-60

Yoo Iisaan sababa abbaa malee uumamuutiin kan gabbaramu ta'eef, Aadam immoo shakkii tokko malee waan abbaafi haadha malee dhalateef isa caalaa mirga gabbaramuu qaba.

CONTENTS






























# Raajiwwan Iisaa

Raajiin Iisaa abbaan malee dhalachuu qofarratti hin gabaabbanne. Rabbiin eeyyama ofitiin harka Iisaatti raajii baay'ee raawwachiseera.

Haadha isaa irraa namoota zinaadhaan ishee shakkan deebisuuf jecha daa'imummaan dubbate. Qur'aanni ammas akka Iisaan eeyyama Rabbiitiin du'aa kaasu, lamxifi jaamaa fayyisu dubbateara.

Raajiiwwan kun isa biratti argamuun akka inni gabricha, ergamaa Rabbiin bulu ta'e agarsiisuu qofaafi. Dhugaa yoo ilaalle ergamoota baay'ee harkatti raajiiwwan baay'een argameera. Fakkeenyaaf Nuuh, Muusaafi Muhammad fa'i. Nageenyi Rabbii hunda isaaniirra haa jiraatu. Raajiiwwan harka nabiyyoota hunda irratti argamte hundi eeyyama Rabbiitiini. Kunis dhugaa ta'uun ergamaa sanaa akka ifa galee da'awaafi ergaan isaa jabaattuufi.

# Ergaa Almasiih Iisaa

Wanti dubbatamuun isaa barbaachisu keessa tokko nabiyyoonnii duraanii kan akka Ibraahiim, Nuuhifi Yuunus gonkumaa Rabbiin sadeessituu sadiiti jechuutti hin waamne. Akkuma kana Iisaan tiksaa isaanii ta'uutti hin amanne.

Waamichi isaanii akka biiftuu guyyaa duumessi hin jirre dirree irratti ifuutti ifaa turte. Innis Rabbiin malee wanti dhugaan gabbaramu hin jiru; Isa malee tokkollee gabbaramuu haqa hin qabu kan jedhuudha. Rabbiin ergamoota kumaatamaan lakkaa'aman amantii tokkichaan ergee booda akka tasaa jijjiiree "sadeessituu sadii" ta'uu isaa yookiin Iisaan ilma isaa ta'uu yookiin amanitin kun akka bilisa baasaatti fudhachuun waan sammuun hin fudhanneedha.

Dhugaan jiru, Iisaanis gara ergaadhuma ergamoota duraatti waame; homaayyuu hin jijjiirre kan jedhuudha. Kitaba qulqulluu keessa keeyyata ergaa wiirtuu kana ibsuutu jira. Ogga namichi tokko "ajajni inni jalqabaa maali?"

> **Rabbiin ol'aanaan akkana jedha: "Iisaan yeroo ragaalee ifaan dhufu ni jedhe: 'Dhugumatti, ani beekumsaanin isinitti dhufe; ammas akkan garii waan isin keessatti wal dhabdanii isiniif ibsuufin (dhufe.) Rabbiin sodaadhaa; anaa ajajamaa. Allaahaan Gooftaa kiyyaafi Gooftaa keessani. Isa qofa gabbaraa; kanatu karaa qajeelaadha.'**
>
> Qur'aana 43: 63-64

"jedhee Iisaa gaafatu, Iisaanis 'dhaga'i yaa Israa'ill! Ajajni jalqabaa Rabbiin gabbaramaa keenya; Gooftaa tokkicha.'" (Maarqoos 12: 28-29). Kanarraa ka'uudhaan akka barsiisa Iisaatti ajajni guddaa fi amantiin bu'uuraa Rabbiin tokkichatti amanuudha. Iisaan osoo Rabbiin ta'ee "anatu Rabbii ana gabbaraa" jechuu qaba

CONTENTS




ture. Garuu inni bakka sana keeyyattoota kakuu moofaa kan tokkummaa Rabbii cimsitu deddeebisa ture.

Dhimmi kun ergaa Iisaa waliin ni deema. Ergaa Islaamummaa waliinis ni deema. Innis Iisaan ergamaa Rabbii kan gara ijollee Israa'iliitti ergaa malaa'ikaa Jibrill ergamoota hundatti fiduun ergameedha. Innis wanti mirga gabbaramuu qabu Rabbii tokkicha malee hin jiruudha.

Iisaan akka ergamaafi gabricha Rabbiiti, ajaja isaatiif gadi jedhaa ture. Dhimmi isaa akka dhimma Muslima hundaati. Fedhiin, dubbii fi hojiin isaa hunduu Rabbiif ture.

## Almasiih Iisaa Islaamummaa Keessatti

Iisaan Nabiyyii Rabbiiti. Rabbiin akka inni tokkummaa Rabbitti namoota waamuuf isa erge.

Dhimmi kun kitaaba qulqulluu keessatti ifaadha. Qur'aannis akkuma kana isa ibse. Amantiin Islaamaa waa'ee Iisaa keessatti akka inni ergamaa raajiin baay'een harka isaatti raawwatamee fi tokkummaa Rabbii akeektu ta'uu ibsiti.

Nuti waa'ee Islaamaa akka dabalataan qorattu si affeerra. Inni amantii haaraa miti. Inni amantii Nuuh, Ibraahiim, Muusaan, Iisaafi Muhammad ittiin ergamaniidha. Rahmannifi nageenyi hunda isaanii irra haa jiraatu. Islaama jechuun Rabbiif ajajamuudha. Inni seera jireenyaa guutuudha. Inni hariiroo Rabbii waliin qaban gaaromsuufi kan uumama Rabbii waliin qabanus tolchuutti kakaasa. Islaamummaan akka Rabbiin mararfataa abbaa haqaa ta'e nutti hima. Inni lubbuu ofii yookiin ilma ofii gumaachee yakka araaramuutti hin haajomu. Nama tokko irrattuu yakka inni hin hojjatin hin barreessu. Rabbiin nama hundaawuu hojii isaatiin isa gaafata. Namni hunduu isa biratti waan hojiateen qabamaadha.

Islaamummaan nabiyyoota hunda jaalachuufi kabajuu nu barsiisa. Garuu isaan jaalachuufi kabajuun keenya immoo isaan gabbaruu miti. Gabbaraan Rabbiif malee hin taatu. Iisaatti amanuu jechuun ergamaa Rabbii ta'uu isaa, inni bara dhumaa keessa Muslima ta'ee dhufuu amanuudha. Kana jechuun ergaa Iisaa jijjiiruu miti. Inumaayyuu ergaan isaa inni bu'uuraa isa kanaa ture.

CONTENTS




# YAAD-RIMEE GOOFTAA ISLAAMUMMAA KEESSATTI

OROMI | (04/10) مفهوم الإله في الإسلام | FREE COPY

## Waan Uumaa Irra Caalu Tokkollee Hin Jiru, Ulfinni Isaaf Haa Ta'u

Dar Al Ber Society
www.daralber.ae
الإمارات THE EMIRATES
Your Path To Peace..
مركز المعلومات الإسلامي
Islamic Information Center
للتعريف بالإسلام
تصريح رقم: (2017/139)
دائرة الشؤون الإسلامية والعمل الخيري
Islamic Affairs & Charitable Activities Department
www.islamicic.com


CONTENTS





























# Gooftaan ni Jira?

Ragaaleen Waaqatti akka amannu nu taasisan (jiraachuu Rabbii nuuf mirkaneessan) baay'etu jiru. Ragaawwan kana keessaa sadii akka armaan gadiitti dhiheessina:

## 1. Seera Uumamaa (Order of the Universe)

Mee qarqara galaanaa irra deemtee cirracha keessaa sa'aatii akka argattu yaadi. Sa'aatiin sun ofuma isaatii walitti dhufee akka dhufe ni amantaa? Sa'aatiin sun akka tasaa cirracha keessaa ba'e jettee hin murteessitu. Kutaaleen hojii wal-xaxaa ta'an hundi meeshaalee lafa keessatti awwaalaman irraa salphaatti guddachuu hin dandeenye. Sa'aatiin kun tolchaa fi uumaa qabaachuu qaba. Sa'aatiin kun uumamuu isaa keessatti kaayyoo kan qabu yoo ta'u, innis yeroo sirrii ta'e himuu dha. Namni isa tolche nama sammuu qaxalee taa'e qabuu akka ta'e ni mirkaneessita. Uumamni akka tasaa sa'aatii sirna sirrii fi adda ta'een hojjetu gonkumaa uumuu hin danda'u.

Pilaaneeti lafa keenya haa ilaallu. Orbitiin ishee naannoo aduu qindaa'ee fi sa'aatii sirrii ta'een kan murtaa'e yoo ta'u, saayintistoonni yeroo aduun itti baatu fi lixxu dursanii akka murteessan isaan dandeessiseera. Akkuma sa'aatiin tokko Uumaa beekumsa qabu kan yeroo isaa sirritti murteessu qabdutti, dachiin keenya kunis uumaa hunda beeku kan sagntaa gonkuma seera qabeessaan shallagamee tolfame murteessu qabaachuu qabdi. Ega seerri kun ufumaan ta'ee argameeree?

Haaluma walfakkaatuun, tartiiba, seeraa fi sirna sirrii qaama keenya keessaa fi guutummaa uumama cufaa keessatti yeroo arginu, uumamni qindeessaa qabaachuun isaa sababa qabeessa mitii? 'Qindeessaan' kun akka gaariitti kan ibsamu jiraachuu Rabbii tokkicha - Isa qophaa isaa sirna uumama cufa kana fide dha.

## 2. Jalqaba Uumamaa (Beginning of the Universe)

Sayinsiin ammayyaa Uumamni jalqabbi qabaatu mirkaneessani jiru. Kun hunde qo'annaan haaraa argate kan uumamni babal'ataa jiraatuu ibsurratti bu'uureeffateeti. Yerootti yoo duubatti deebine uumamni walitti qabamaadha;
- kunis jalqaba agarsiisa. Egaa jalqabiinsa uumamaatiif ibsa sadii kennuu ni danda'ama. Isaaniis:

1. Uumamni kuni homaa irraa uumamee.
2. Uumani kuni ufumaa uf uume,
3. Uumamni ni uumame.

Ibsa lammaffaa yoo ilaalee, loojiki salphaan wanti tokko osoo ofii hin jiraatin dura homaa uumuu akka hin dandeenye nutti hima. Kun yaada sadaffa qofa ibsa fudhatama qabu taasisa: waaqni hundaa ol ta'ee beekaan beeka hundaa olii beekumsa ofii isaatiin uumama kana akka uume nuuf mirkaneessa.

> **Wantoonni jalqaba qaban homaa irraa gara jiraachuu dhufuu akka hin dandeenye muuxannoon namaa nutti agarsiisa.**

CONTENTS






Namoonni tokko tokko, "Rabbii eenyutu uume" jedhanii gaafachuu danda'u? Rabbiin, Uumaan, uumama isaa irraa adda. Osoo inni uumaa wajjin tokko ta'ee uumaan isaaf barbaachisa ture. Kunis tartiiba gooftaawwan uumaa daangaa hin qabneetti nama geessa. Kunis hin danda'amu. Rabbiin, Uumaa daangaa yeroo fi iddoo uumama kanaa ol, bara baraan kan jiru, jalqaba jalqabaa kan hin qabne, kan dhumaa immoo dhuma kan hin qabne dha. Kanaafuu, gaaaffiin "eenyutu Waaqayyoon uume" jedhu gaaffii sababaa fi lojikii hin qabneedha.

**Rabbiin kitaaba qajeelfama dhala namaaf ta'u utuu mul'isee, kitaabni akkasii kun jiraachuu Rabbii ragaa ifa ta'e qabaachuun isaa dirqama.**

## 3. Mul'ata Rabii Biraa Bu'e

Kitaabni Islaamaa Qur'aanni jecha Rabbii ta'uu isaa mallattoolee ifa ta'an ni mul'atu. Sababoota kana deeggaran gabaabinaan armaan gaditti isiniif dhiheessina.

Qur'aanni waggoota 1,400 oliin dura kan bu'e ta'us, garuu dhugaawwan saayinsii yeroo sanatti namoota biratti hin beekamne hedduu kan of keessaa qabu dha.Yeroo dhiyoo asitti saayinsii ammayyaatiin kan argamedha. Fakkeenyaaf: Bishaan bu'uura (hundee jalqabaa) lubbuu qabeeyyii hundaa ta'uu isaa, (Qur'ana 21:30); bal'ina uumama (Qur'aana 51:47); orbiitii (sarara) baatiifi aduu addaan addaan dhuunfaa isaanii irra naanna'an (Qur'ana 21:33)fi kkf of keessaa qaba.

- Qur'aanni dhugaawwan seenaa hedduu yeroo sanatti namoota biratti hin beekne, akkasumas raajii hedduu boodarra dhugaa ta'uun isaanii mirkanaa'e of keessaa qaba.
- Qur'aanni dogongora yookaan wal dhahinsa kamirraayyuu bilisa.
- Qur'aanni afaan Arabaa isa jalqabaatiin erga bu'ee booda jecha jechaatti tikfamee jira, kitaabota biroo kan bifa jalqabaa isaaniitiin hin jirre irraa adda.

**Qur'aanni wantoota adda ta'anii fi dinqisiisoo ta'an hedduudhaaf ibsi hunda caalaa hubannoo qabu ta'uun isaa rabbi biraa ta'uu isaati ni mul'isa.**

- Dhaamsa Salphaa Qulqulluu waliigalatti akka ilma namaa uumama kana keessa jiraatu hundaaf ergaa waaqa waa hundaa ol ta'e onnee namoota hundaa keessatti dabarsuuf dandeetti addaa qabu ta'uu isaati.
- Qur'aanni Nabi Muhammad ﷺ kan seenaanis akka nama barate hin ta'in beekkamuu irratti bu'uu isaati. Qur'aanni har'as seera afaani addaa ta'e kan qabu, akkaataa onnee namaa harkisu haala bareedaafi hariiroo qubeef-jechi qindeeffamee dhaamsa addaa itti dabarsu kan kitaaba kamirrayyuu gonkuma adda ta'ee argama.


CONTENTS





























# Waaqni Eenyuu?

Jechi "Allaahaa" jedhu maqaa waaqni haqaa tokkichi qofaa ittin waamamu. Wanti kamiyyuu isaan alatti maqaa kanaan hin waamamu. Jechii Allaahaa jedhu kuni akka afaan biro keessatti goofta (God), gooftolee (gods) ykn giiftii (goddess) jechuun baay'isuu fi dhalaa ibsuuf itti fayyadamnu seera deebifnuun hin qabu. Fayyadamni addaa jecha "Allaahaa" jedhu Islaamummaa keessatti hammam Islaamummaan seera tokkummaa Rabbii olta'aa irratti cimsee fi xiyyeeffate akka ibsu calaqqisiisa.

> "Gabbaramaan keessan gabbaramaa tokkicha. Isa malee dhugaan gabbaramaan hin jiru."
>
> Qur'aana 2:163

Islaamummaa keessatti wanti baay'ee bareedaa ta'e – hundi isaa bareedina - amaloota guutuu, guddummaa fi tokkummaa Rabbii olta'aa hundaa beekamtii kennuudha. Kun barsiisa Islaamaa gooftaa hundumaa danda'u, amaloota Isaa fi maqaa Isaa ilaalchisee ifatti mul'ata.

## Waaqni Tokkicha Adda Ta'e

- Waaqni ol'aanaan, hiriyyaafii fakkaataa hin qabu.
- Waaqni abbaa fi haadha, Ilmaa, hintalaa fi niiti hin qabu.
- Rabbiin haqaa Allaahaan tokkicha hundinuu Isa qofaaf ajajamuu (gabbaramuu) qabuudha.
- Osoo gooftaan tokkoo ol jiraatee, kun Rabbiin dorgommii qabaachuu, araarama gochuu yookaan waaqolii biroo wajjin waliigaltee barbaachisu waan of keessaa qabuuf humna yookaan aangoo isaa irratti hanqina kan calaqqisiisu ture.

## Allaahaan Waan Hundarratti Aangoo Qabeessa.

- Waaqni Waa hundarrattuu aangoofi humna guutuu qaba.
- Wanti hundinuu guutummaatti isaaf kan bitamuu fi Isa irratti hirkataa dha.
- Rabbiif abboomamuun humna Isaa hin dabalu, ajajamuu diduunis karaa kamiinuu humna isaa hin hir'isu.

## Rabbiin Ol'aanaan Akkaan Hundaarrayyuu Ol Ta'e

- Wanti kamiyyuu kan Rabbii ol ta'ee fi kan wal madaalu hin jiru.
- Amalonni fi haalli Rabbii waan inni uume kamittuu hin fakkaatu.
- Rabiin inni hundumaa danda'u nama ykn wanta kamiyyuu keessatti mul'atee hin argamu.
- Rabbiin hanqinna (hir'ina, dadhabina) kamiyyu hin qabu. Daanga namaan daangeffamu hin qabu; fakkeenyaaf akka amantii biraa keessatti ibsan: erga uumamaa uumee booda guyyaa torbaffaatti boqatuu fa'a hin qabu. Inni Kanarraa qulqullaa'e.

## Rabbiin - Waan Hunda Danda'u- Qajeelaa fi Araara Qabeessa


- Rabbiin cubbuu dhiifama gochuuf of aarsaa gochuun isa hin barbaachisu akkasumas namni tokkollee "cubbuutti hin dhalanne".
- Rabbiin nama hundumaa hojii isaa irratti hundaa'ee kan murteessu yoo ta'u namni hundi gocha ofii isaatiif itti gaafatama.
- Ilmi Namaa eenyuyyuu Rabbii biratti walqixa, garaa garummaan akkaata Amantii isaan Rabbii amananiifi sodaa isaan Rabbiif qaban qofarratti malee biyyuummaa, gosummaa, qoda sanyii namaatiifi qabeenyaatiin Rabbibiratti garaagarummaa hin qaban.


CONTENTS
























# Haala fi Amala Yesuus

Kiristaanonni baay'een isaanii "Yesuus Kiristoos Waaqayyodha" ykn sadan keessaa isa sadaffaa ta'uu isaa, lafa irratti Waaqayyoon foon uffachuu isaa fi bifa namaatiin mul'achuu isaa ni amanu.

**Yaad-rimee Gooftaa Islaamummaa keessatti ibsuuf yeroo yaallu, shakkii fi himannaa uumama Iisaa (Yesuus) (nageenyi isa irratti haa jiraatu) bal'inaan mul'atu yoo ilaalle, maalummaa Yesuus Kiristoos (nageenyi isa irratti haa jiraatu) hubachuun barbaachisaa dha.**

Haa ta'u malee, akka Macaafa Qulqulluutti, Yesus dhalatee, nyaate, rafe, kadhatee beekumsa daangeffame qaba ture. – Amaloonni hundi Rabbiif kan hin malledha. Rabbiin amaloota hanqina hin qabne fi guutuu kan qabu yoo ta'u, namni immoo faallaa kanaa qaba. Akkamitti wanti tokko faallaa lama keessatti yeroo tokkotti jiraachuu danda'a? Kun sababa qabeessa miti.

Haa ta'u malee, namoonni tokko tokko "Rabbiin waan hundumaa kan danda'u yoo ta'e maaliif nama ta'uu hin danda'u?" jedhani ni gaafatu.

Hiika isaatiin Rabbiin tokko gochoota waaqummaatti hin gitne raawwachuu hin danda'u. Kanaaf waaqni tokko nama ta'ee amaloota namaa yoo horate dhuguma Rabbii ta'uu dhiisuun isaa murteessaadha.

Kana malees, Macaafni Qulqulluun Kiristaaanota bira jiru caqasoota hedduu kan Yesuus Kiristoos akka tajaajilaa Rabbitti dubbatuu fi hojjatu, akkasumas Rabbiin isa irraa adda ta'uu isaa kan ibsu of keessaa qaba.

Fakkeenyaaf, Yesuus "amma garuu isiin na ajjeesuu barbaaddu. Ani nama dhugaa Waaqayyo biraa dhaga'e isinitti himee dha " [Yohaannis 8:40].

Kiristaanonni baay'een isaaniis "Yesuus Ilma Waaqayyooti" jedhu; garuu waan of gaafachuu qaban, kun dhugumatti maal jechuudha?

Allaahaan ol'aanaan, ilma foonii qabaachuu akka hin dandeenye beekamaadha. Kana mannaa, jechi "Ilma Waaqayyoo" jedhu afaanota macaafa qulqulluu durii keessatti "gabroota qajeeloo" agarsiisuuf jecha dubbiitiin kan itti fayyadame ta'uu akka ta'e arganna. Innis caqasoota kakuu moofaa hedduu keessatti namoota qajeeloo kan akka Daawit, Solomoon fi Israa'iil agarsiisuuf itti fayyadameera. Yesuus qofa irratti kan daangeffame miti, nagaan isaan irratti haa ta'u.

Kanaaf fakkeenyi "...Israa'el ilma koo isa angafaati" (saara Ba'uu 4:22) jechuu isaati.

**"Rabbiif ilma taasifachuun hin malu. Inni qulqullaa'e"**
(Qur'aana 19:35)

Amantiin Islaamaa Al- masiih Iisaan dhugaan (nageenyi isa irratti haa jiraatu) eenyu akka ta'e kan kan ibsu yoo ta'u, amantii sirrii Rabbiin isa hundumaa danda'uu fi guddummaa, tokkummaa fi fiixaan ba'iinsa isaa eeguudhaan. Yesuus akka

CONTENTS






ergamaa kabajamaa Rabbiin ergeetti gabbaraa Rabbii qofaaf akka waamu ture.

## Allaahaan Tokkicha, Isatu Gabbaraaf Mala

Barumsi Islaamaa hojii keenya hunda Rabbii olta'aa qofaaf of kennuu akka qabnu irratti kan hundaa'ee fi isa kan jajjabeessudha. Gabbaraan (ibaadaan) waan biraf hin malu: waaqolii tolfamaan, awwaalli, aduun, ji'a, bineensi, raajota, ummata qajeelaa, malaa'ikaa, Sheekota, hayyoota kana hundaaf kan malu miti. Kun hundinuu uumamtoota uumaman, daangeffamanii fi hanqina kan qaban yoo ta'u, Rabbiin inni hundumaa danda'u qofti fi hanqina tokkollee kan hin qabnetu gabbaraaf mirga guutuu kan qabu.

**"Rabbiin Gabbaraa; homaa hin qindessinas."** (Qur'aana 4:36)

## Allaahaan Isa Ol'aanaa Ta'e Gidduu Galeessitu Yookaan Araarsituu Malee Gabbarama

Allaahaan ol'aanaan hiriyoota ykn giddu-galeessitoota tokkollee isaaf hin barbaachisu. Karaan Rabbii fi ummata maraa gidduu jiruu banaa fi kallattii dha. Akkuma inni murteessee fi ajajetti kallattiidhaan Isa gabbaru. Namoota Isa faarsan, isa waaman, Isa gabbaran, Isa abdatan hunda ni dhaga'a. Giddu-galeessitootaa fi araarstoota (kan akka waaqa tolfamaa, siidaa fi giddu-galeessitoota biroo) Rabbiin gabbaruun bu'uura Rabbii tokkicha amantii isaaf malu ta'uu ni diiga.

## Cufti Ergamtoota Rabbii Tokkicha Gabbaruutti Uummata Isaanii Waaman

**"Dhugumatti, Nuti "Rabbiin gabbaraa; taabota (gabbaruu) irras fagaadha" jeechuun ummata hunda keessatti ergamaa erginee jirra."** (Qur'aana 16:36)

Muslimoonni nabiyyoota Rabbiin erge hunda kan akka Aadam, Nuuh, Ibraahiim, Muusaa, Iisaa, fi Muhaammad (nageenyi isaaniif haa jiraatu) hundatti amanu. Rabbiin hunda isaaniif ergaa tokkoon erge: "Rabbiin Gabbaraa; isa malee Rabbii biraa hin qabdan."

## Kaayoon Jiruu Kana Irratti Uumamneef Rabbii Gabbaruufi

Galmi dhumaa jireenya kana keessatti jiraachuu keenyaa, Rabbiin gabbaruu, Waaqummaa fi Gooftummaa keessatti adda ta'uu isaa amanuu, isa qofa waaqeffachuu fi isa qofa jaalachuudha. Yaad-rimeen ibaadaa (gabbaraa) Islaamummaa keessatti sirnoota akka kadhannaa fi sooma qofa kan hammate osoo hin taane, safuu warra qajeelota, hojii warra ajajamoo, obsa warra hojjetan, hiyyeessaa fi rakkattootaaf gaarummaa dabalatee waan Rabbii jaallatuu fi itti gammadu hunda kan hammatedha.

Xumura irratti, bu'uurri Islaamaa tokkummaa fi adda ta'uu Rabbii olta'aa, Uumaa fi Gooftaa waan hundumaa; akkasumaas, amaloota guutuu kan qabu fi kan qofti gabbraan kan malu ta'uu isaa amanuudha. Jireenya addunyaa kanaafi aakhira keessatti milkaa'inni fi badhaadhinni keenya kana keessa jira.


HOTLINE
+971 56 204 2045
islamicicdxb
islamicic.com info@islamicic.com +971 4 355 5223
DOWNLOAD OROMOO FLYER
www.iicdxb.com/oromoo

CONTENTS


SEENSA ISLAAMUMMAA

NABIYYII MUHAMMAD

Almasiih Iisaa ilma Maryam

YAAD-RIMEE GOOFTAA ISLAAMUMMAA KEESSATTI

QUR'AANA Mul'ata dhumaa dhala namaaf

KAAYYOON JIREENYAA MAALI?

HUBANNOO DOGOGORAA ISLAAMAAN WAL IXAALLATU

Mirga Dubartootaa Islaamummaa Keessatti

DINQII SAAYINSAWAA QUR'AANA

DU'A & AAKHIRA ISLAAMUMMAA KEESSATTI


# QUR'AANA

## Mul'ata dhumaa dhala namaaf

OROMI | (05/10) القرآن | FREE COPY

**Bu'uuraalee baradhu**




جمعية دار البر
Dar Al Ber Society
www.daralber.ae

الإمارات
THE EMIRATES

Your Path To Peace..

مركز المعلومات الإسلامي
Islamic Information Center
للتعريف بالإسلام

تصريح رقم: (2017/139)
دائرة الشؤون الإسلامية والعمل الخيري
Islamic Affairs & Charitable Activities Department

www.islamicic.com


CONTENTS
























# QUR'AANNI MAALI?

## Jecha Rabbii

Qur'aanni jecha Rabbii olta'aa, Nabi Muhammad ﷺ irratti karaa malaa'ikaa (ergamaa) Jibriil nagayaan isa irraa haa ta'u, buufame dha.

**"Buufamuun kitaabichaa Rabbii injifataa, ogessa ta'e irraati."**
(Qur'aana 39:1)

## Qajeelfama Dhala Namaatiif

Gabaabumatti qur'aanni:
**"...namootaaf qajeelfamaafi ragaa ifa bahaa qajeelfamichaafi addaan baasaa (haqaafi kijibaa) ta'e..."**
(Qur'aana 39:1)

Qur'aanni madda qajeelfama dhala namaa isa dhumaati. Namaaf sirrii fi dogoggora addan baasuu kan dandeessisu yoo ta'u, isa malee namni dogoggora keessatti baduun isaa waan hin oolledha.

## Mul'ata Dhumaa

Qur'aanni kitaaba isa dhumaa Rabbii ol'aanaa ta'e buuse yoo ta'u, dhugaawwan muraasa kutaalee macaafa qulqulluu darban keessatti hafan kan mirkaneessu fi akkasumas tolfamee fi dabalata macaafa qulqulluu kanneen yeroo ammaa keessa seenan kan mormu fi kan sirreessudha.

**"Yaa warri kitaaba laatamtan! ... kitaaba nuti buufne kan isa isin biraa dhugoomsutti amanaa..."**
[Qur'aana 4:47]

## Qur'aanni Akkamitti Bu'ee?

Qur'aanni kabajamaan Nabi Muhammad ﷺ irratti kan buufame yoo ta'u, kan tikfamu afaan ittiin bu'e – Afaan Arabaa qofaan. Haa ta'u malee, hiikni yaada isaa afaanota hedduudhaan ni argama.

Qur'aanni yeroo tokkotti bu'e osoo hin taane, bu'uun isaa waggoota 23 keessatti itti fufeera.

Sababa kanaaf, Qur'aana sirritti hubachuuf haala keeyyatawwan itti bu'an beekuun barbaachisaadha, Yoo kana ta'u baate barnoonni isaa dogoggoraan hiikamuu danda'a.

CONTENTS
































# AKKAMITTI RABBI IRRAA AKKA TA'E BEEKAA?

## Eegumsa

Qur'aanni ragaa qulqulluu tokichaa yeroo dheeraaf naanna'aa ture, ammas akkuma guyyaa buufame qulqulluu ta'ee hafe kan jirudha. Waggoota 1400 oliin dura erga mul'atee as wanti itti dabalame, haqame yookaan fooyya'e hin jiru.

Eegamuun Qur'aanaa bifa barreeffamaan qofa osoo hin taane, sammuu dhiiraa, daa'immanii fi dubartoota keessattis eegamee (haffazamee) jira. Har'a namoonni miliyoonotaan lakkaa'aman Qur'aana haguuggii hanga haguuggitti qomatti qabatanii argamu.

**Rabbin ol'aanaa ta'e akkana jedha: "Dhugumatti, Nuti Zikrii (Qur'aana) Numatu buuse; numatu isaaf tiksoodha."**

[Qur'aana 15:9]

## Dinqii Saayinsawaa

Qur'aanni kabajamaan saayinsii ammayyaa kan faallessu osoo hin taane, dhugaa isaa kan mirkaneessudha. Waa'ee Qur'aanaa wantoota dinqisiisoo ta'an keessaa tokko keeyyatoota hedduu kanneen taatee uumamaa damee adda addaa kanneen akka qorannoo uumamaa fi guddina miciree (embryology), qorannoo fi taateewwan qillensaa (meteorology), qorannoo hawaa (astronomy), qorannoo lafaa (geology) fi qorannoo keessoo galaanaa (oceanography) sirritti ibsan of keessaa qabaachuu isaati. Saayintistoonni ibsi qur'aanni jaarraa 7ffaa keessa ture wantoota kanaa fii kan kana fakkataaniif kaa'e sirrii ta'uu isaa hubataniiru.

**Rabbiin ol'aanaan akkana jedha: "Dhugaa ta'uun isaa (Qur'aanaa) hanga isaaniif ifa ta'utti, nuti mallattoowwan keenya moggaa (samii)fi lubbuu isaanii keessatti isaan agarsiifna"**

Qur'aana 41:53

Dhugaa dubbachuuf, dinqiiwwan saayinsawaa Qur'aana keessatti caqafaman hedduun isaanii yeroo dhiyoo asitti, guddina ammayyaa meeshaalee teeknooloojiitiin kan argamaniidha. Kanneen armaan gadii haa ilaallu:

- Qur'aanni guddina miciree namaa ilaalchisee ibsa bal'aa kenna. Ibsi kun hanga yeroo dhiyootti hawaasa saayinsii biratti hin beekamu ture.
- Saayinsiin ammayyaa danqaaleen galaanni lama wal haa argan iyyuu ho'a, haala furdina dhangalaa'aa fi soogidda mataa isaanii akka eegan taasisan jiraachuu isaanii argateera.

CONTENTS




Mallattoowwan Rabbii kun waggoota 1400 oliin dura Qur'aana keessatti ifatti ibsamaniiru.

## Adda Ta'uu

Erga bu'ee as namni boqonnaa tokko akka Qur'aana bareedina, dandeettii dubbii, ulfina, ogummaa, raajii fi amaloota guutuu ta'an birootiin fiduu hin dandeenye.

> **Rabbin ol'aanaan akkana jedha: "Yoo waan Nuti gabricha keenya irratti buufne (Qur'aana) irraa mamii keessa taataniif, yoo kan dhugaa dubbattan taatanii, suuraa (boqonnaa) akka isaa [tokko] fidaatii ragoota (gargaartotaafi deeggartoota) keessan kan Rabbiin ala jiranis waamadhaa."**
>
> Qur'aana 2:23

Warri Nabi Muhammad ﷺ ganan, afaan Qur'aana (arabiffaa) sirritti beekanillee, qormaata kana irratti kufan. Qormaanni kun hanga har'aatti deebii hin arganne.

## Wal Dhahinsa Hin Qabu

Namoonni yeroo barreessan dogongora akka qubee, caaslugaa, dubbii wal faallessu, xumura wal hin simne, odeeffannoo barbaachisaa dhiisuu fi dogongora adda addaa biroo hojjechuun isaanii hin oolu.

> **Rabbin ol ta'aa ta'e akkana jedha: "Sila isaan Qur'aana hin xiinxalanuu? Osoo waan Rabbiin alaa biraa ta'ee, silaa isa keessatti wal dhabbii baay'ee argu turan."**
>
> Qur'aana 4:82

Qur'aanni waan wal dhahinsa tokkollee hin qabu. Ibsa saayinsawaa marsaa bishaanii, qorannoo miciree gadaameessa kessaa, qorannoo lafaa, qorannoo ka'umsa fi guddina uumama maraa (cosmology) keessatti; akkasumas dhugaa fi taateewwan seenaa yookaan raajii yoo dubbatu wal dhahinsa tokko illee hin qabu.

## Muhaammad Barreessuu Hin Danda'uu turee?

Seenaa keessatti Nabi Muhammad ﷺ akka dubbisuu fi barreessuu hin dandeenye beekamaadha. Beekumsa saayinsii fi seenaa, akkasumas bareedina ogbarruu Kitaaba ajaa'ibaa kana kessatti ibsameef sababa ta'uu danda'u kamiyyuu hin baranne. Sirri ta'uu seenaa ummatootaa fi qaroomina durii Qur'aana keessatti caqafamees baay'ee guddaa waan ta'eef nama kamiinuu barreessuu hin danda'u.

> **Rabbi ol'aanaan akkana jedha : "Qur'aanni kun Rabbii gaditti sobaan kan uumamu hin taane"**
>
> Qur'aana 10:37

CONTENTS
































# KAAYYOO MUL'ATA KANAA

## Rabbii Dhugaa Tokkichatti Amanuu Kee

**Rabbin ol'aanaa akkana jedha : "Gabbaramaan keessan gabbaramaa tokkicha. Isa malee dhugaan gabbaramaan hin jiru. (Inni) akkaan mararfataa rahmata godhaadha."**

[Qur'aana 2:163]

Mata dureen barbaaachisaa Qur'aana keessatti caqafame keessa inni guddaan Rabbii Tokkichatti amanuudha. Rabbin hiriyaa, ilma, shariikaa akka hin qabne fi isa malee mirga gabbaramuu qabu akka hin jirree nu beeksisa. Wanti rabbiin wal madaalu hin jiru. Uumamni isaas tokkollee isa hin fakkaatu. Qur'aannis amalootaa fi hanqina namaa rabbiitti maxxansuu ni dhorka.

## Waaqolii Sobaa Hunda Ganuu

**Rabbin akkana jedha: "Rabbiin gabbaraa; Isatti homaa hin qindeessinaas..."**

Qur'aana [4:36]

Rabbiin tokkicha ibaadaaf (gabbaraaf) isa qofaatu mala waan ta'eef, waaqolii sobaa ganuun dirqama. Qur'aannis amaloota rabbii isaan ala waan biraatti qindeessuu dide.

## Seenaa Durii Himuu

Qur'aanni seeneffama hedduu barumsa qabu kan of keessaa qabatee jiru yoo ta'u, seenaa dhugaa Raajota (Nabiyyota) kanaan duraa darban kan akka Aadam, Nuuh, Ibraahiim, Iisaa fi Muusaa (Nagayaan isaan irraa haa ta'u) fi kkf of keessatti qabata. Seenaa kana ilaalchisee Rabbiin akkana jedha:

**"Dhugumatti, seenaalee isaanii keessa warra sammuu qabaniif gorsatu jira"**

Qur'aana 12:111]

## Guyyaa Qiyaamaa nu Yaadachiisuu

Kitaabni Kabajamaan kun namni hundi du'a akka dhandhamu, gochaa fi dubbii isaa hundaaf akka itti gaafatamu nu yaadachiisa:

**"Nuti Guyyaa Qiyaamatiif madaala haqaa lafa keenya. Lubbuun takkas homaa hin miidhamtu"**

[Qur'aana 21:47]

## Jireenya Yaadame Galmaan Gahuu

Hunda caalaa dhimmi guddaan, Qur'aanni kaayyoon jireenyaa rabbii qofa gabbaruu akka ta'ee fi namni tokko jireenya ofii isaa akkaataa rabbiin jaallatutti jiraachuu akka qabu barsiisa.

CONTENTS






























Islaamummaa keessatti ibaadaan jecha bal'aa ta'ee fi gochaa fi dubbii Rabbiin jaallatuu hunda of keessatti hammata.

Kanaafuu, muslimni wanta Rabbiin ajaje hojjechuu fi isa gabbaruudhaan kaayyoo jireenyaa isaa galmaan gahaa. Fakkeenyonni ibaadaa Qur'aana keessaa kanneen armaan gadiiti.

**Salaataa (Sagadaa): "Yaa warra amantan! Rukuu'a bu'aa; sujuudas bu'aa; Gooftaa keessanis gabbaraa; akka milkooftaniif toltuus hojjadhaa."** [Qur'aana 22:77]

**Tola Namaaf Ooluu: "...arjoomaas; sanatu lubbuu keessaniif caalaa ta'a. Namni don'ummaa lubbuu isaa (irraa) tikfame, isaan isaanumatu milkaa'oodha."** [Qur'aana 64:16]

**Amanamaa Ta'uu: "Osoo beektanii dhugaa fi sobaan [walitti] hin makinaa; haqa hin dhoksinaas."** [Qur'aana 2:42]

**Gad of Qabuu "Mu'uminootaan "(ija keessan gadi qabadhaa)" jedhi, ija isaanii gadi qabatu; qaama saalaa isaaniis ni tikfatu..." "Dubartoota mu'uminootaatiinis "(ija keessan gadi qabadhaa") jedhi, ija isaanii gadi qabatu; qaama saalaa isaaniis ni tikfatu..."** [Qur'aana 24:30-31]

**Galata galfachuu: "Rabbiin kan homaa hin beekne taatanii garaa haadha keessanii irraa isin baase; akka galateeffattanuuf dhageettii, argaafi onnees isiniif godhe."** [Qur'aana 16:78]

**Haqa Qabeessa Ta'uu "Yaa warra amantan! osoo lubbuu keessan yookiin abbaa haadha keessaniifi firoota keessan irrattis ta'eeyyuu haqaan dhaabbataa Rabbiif ragaa bahaa ta'aa. Yoo dureessa yookiin hiyyeessa ta'anis Rabbitu irra isaanitti aana..."** [Qur'aana 4:135]

**Obsa Qabaachuu: "Obsi! Dhugumatti, Rabbiin mindaa toltuu hojjattootaa hin balleessu."** [Qur'aana 11:115]

**Waan Gaarii Hojjechuu: "Rabbiin isaan amananii waan gaarii hojjatan, isaaniif araaramaafi mindaa guddaatu jira (jechuun) waadaa seeneera."** [Qur'aana 5:9]

**Xumura** Walumaagalatti, Qur'aanni ilmi namaa akkamitti Rabbii Tokkicha Dhugaa akka gabbaru barsiisa. Kanarraa ka'uun kaayyoo jireenyaa isaanii isa dhugaa galmaan ga'u. Addunyaa kanaafis ta'e kan itti aanu (aakiraa) keessattis milkaa'ina argatu.

Rabbin akkana jedha: **"Nuti namootaaf kitaaba (Qur'aana) dhugaan sirratti buufne; namni qajeele lubbuma isaatiifi namni jallates isheedhuma irratti jallata. Ati isaan irratti dirqama (qajeelchuu) hin qabdu.."** [Qur'aana 39:41]

HOTLINE
+971 56 204 2045
islamicicdxb
islamicic.com info@islamicic.com +971 4 355 5223
DOWNLOAD OROMOO FLYER
www.iicdxb.com/oromoo

CONTENTS


SEENSA ISLAAMUMMAA

NABIYYII MUHAMMAD

Almasiih Iisaa ilma Maryam Ergamaa Rabbii

YAAD-RIIMEE GOOFTAA ISLAAMUMMAA KEESSATTI

QUR'AANA Mul'ata dhumaa dhala namaaf

KAAYYOON JIREENYAA MAALI?

HUBANNOO DOGONGORAA ISLAAMAAN WAL IIALLATU

Mirga Dubartootaa Islaamummaa Keessatti

DINQII SAAYINSAWAA QUR'AANA

DU'A & AAKHIRA ISLAAMUMMAA KEESSATTI


# KAAYYOON JIREENYAA MAALI?

OROMI | (06/10) الغاية من الحياة | FREE COPY

Eessaan dhufe?
Maaliifin as Jiraa?
Erga Du'aatii gara
Kamin deemaa?


Dar Al Ber Society
www.daralber.ae

الإمارات
THE EMIRATES

Your Path To Peace..

مركز المعلومات الإسلامي
Islamic Information Center
للتعريف بالإسلام

تصريح رقم:
(2017/139)

دائرة الشؤون الإسلامية والعمل الخيري
Islamic Affairs & Charitable Activities Department

www.islamicic.com

CONTENTS






























# KAAYYOON JIREENYAA MAALI?

Gaaffiin jalqaba yeroo kaayyoo jireenyaa yaaddu hulaa sammuu rukutu "eessaa dhufne?" kan jedhuudha.

Sila argamuun keenya gocha uumamaa akka tasaa raawwatamuuni moo waan uumaan ogeessi wahii hojjatuuni? Akka uumaan jiru amanuun kaayyoo jireenya keenyaa isa dhugaa hubachuu keessatti tarkaanfii isa jalqabaati. Sababooleen loojiki fi sammuu kan uumaan jiraachuu nama amansiisu baay'eedha. Sadeen ishee gabaabinaan armaan gaditti dubbanna.

## 1. JALQABA UUMAMAA

Ragaan inni jalqabaa kan jiraachuu Rabbii akeeku jalqaba uumama kanaa hubachuudhaan walitti rarra'a.

Gariin namaa "Rabbiin eenyutu uume?" jedhee gaafachuutu mala. Rabbiin uumaadha malee uumamaa miti. Allaahaan yeroo hundaa ni jira. Jalqaba hin qabu. Akkuma kana gaaffiin eenyutu Rabbiin uume jedhu gaaffii sirrii miti.

Mee osoo gammoojjii wahii keessa deemtuu sa'aatii wahiin arge jechuu yaadi. Nuti akka sa'aatiin daawwitii, pilaastikiifi sibiila irraa hojjatame ni beekna. Daawitiin cirracha, pilaastikiin boba'aa (Peetroliyeemii) irraa akka hojjatameefi sibiilli dachii keessaa bahe ni beekna. Wantoonni kun hunduu gammoojjii keessatti ni argamu. Sa'atiin kun isheetu of uume jechuu ni amantaa? Kana jechuun biiftuun bahee ergasii qilleensi qilleensa'ee ergasii zaytiin dugda lafaatti ol dhufee cirrachaafi sibiilaan wal makatee waggaa kumaatama keessa akka tasaa sa'aatii ta'ee?

Muuxannoon namaafi loojikiin jiru wantoonni jalqaba qaban hunduu waan hin jirre irraa hin uumamanuu nutti himu. Wanti tokko of uumuun isaaf hin mijaa'u. Kanaafuu yaanni namoota baay'ee uumaa uumama kana argamsiisetu jira jedha. Uumaan kun immoo danda'aa beekaa ta'uun isaa dirqama. Sababa uumama kana argamsiiseef. Seera sirna ishee to'attus ni argamsiise. Akkuma kana uumaa kana sirni baraafi bakkaa isa hin daangessu jechuu dandeenya. Sababni isaas yeroofi bakki uumama waliin argame. Amalli kun hunduu hubannoo bu'uuraa waa'ee Rabbii uumaa wantootaa ta'ee agarsiifti. Kun qorannoo ammayyaa isa uumamni kun daangeffamaadha; jalqaba ni qaba jedhuun wal gala.

Gariin namaa "Rabbiin eenyutu uume?" jedhee gaafachuutu mala. Rabbiin uumaadha malee uumamaa miti. Allaahaan yeroo hundaa ni jira. Jalqaba hin qabu. Akkuma kana gaaffiin eenyutu Rabbiin uume jedhu gaaffii sirrii miti.


CONTENTS
























## 2. UUMAMNI UUMAMA KANAA SIRRII TA'UU.

Ragaan lammaffaan uumaan beekaan jiraachuu akeeku sirni xaxamaan kun haala gaariin seera qabeessa ta'uu isaati.

Mallattooleen baay'een uumama kana keessa jiru akka isheen jireenya ilma namaa deeggaruuf addatti kan qophaa'e ta'uu isaa sirriitti akeeka. Fakkeenyaaf fageenya jidduu dachiifi lafaa jiru, furdina dugda lafaa, ariitii dachiin ittiin naannoftu, parsantii oksijiinii atmoosfarii keessatti argamuufi kofa dachii fa'i. Yoo safarri kun haala amma jiru irraa xiqqoo jijjiirame jireenyi gonkumaa hin mijaa'u.

Yeroo sirnaafi qaama xaxamaa seera qabeessa of keessattiifi uumama hunda keessatti arginu, sila qaamni ishee argamsiise jiraachuun loojikii mitii? Abbaan kana sirna qabsiise immoo akka gaariitti Rabbiin tokkichi sirna kana argamsiise jiraachuudhaan ibsama.

Akkuma sa'aatiin qaamni ishee hojjatu kan yeroo seeraan galmeessuu beeku jiraachuun dirqama ta'u dachiinis akkuma kana uumaan yeroo isheen biiftuu irra naannoftu seeraan beeku jiraachuun dirqama ta'a. Kun mataa isaatiin argamuun ni mijaa'aa?

## 3. MUL'ATA RABBIIN BIRAA TA'E

Ragaan sadaffaan kan Rabbiin jiraachuu agarsiisu wahyii Rabbiin jiraachu Isaa akeekuuf namootatti ergeedha.

Ragoolee baay'ee kan Qur'aanni jecha Rabbii ta'uu akeekutu jira. Armaan gaditti sababa gabaabfamaa kana deeggarutu jira.

Rabbiin yeroo kitaaba qajeelfamaa namaaf ergu, inni ragaa Rabbiin jiraachu ifaan qabaachuun isaa shakkii hin qabu.

- Qur'aanni waggaa 1400 dura buufame. Garuu inni argannoo saayinsii kan yeroo sana namootatti hin beekamne kan booda barame baay'ee of keessaa qaba. Fakkeenyaaf bishaan bu'uura lubbu aqabeeyyii hundaa ta'uu (Qur'aana 21: 30). Uumama ballifamaa kana (Qur'aana 51: 47). Orbitii of danda'aa biiftuufi jiini qabu (Qur'aana 21: 33).
- Qur'aanni seenaa dhugaa kan yeroo sana keessa namoonni hin beekne baay'ee qaba. Akkuma kana ragaa baay'ee kan sana booda mirkaneeffame baay'ee qaba.
- Qur'aanni inni mata duree ballaa irraa dubbate waggaa digdamii sadii keessa suutaan bu'uu waliin dogongoraafi wal faallessuu kam irraayyuu qulqulluudha.
- Qur'aanni buufamuu isaa irraa eegalee jecha jechaan Afaan isaa isa jalqabaa Arabiffaan tikfameera. Kitaabonni biroo immoo faallaa


CONTENTS

























kanaa boca ishee jalqabaatiin tasuma hin argamtu.

- Qur'aanni ergaa ifaa, qulqulluufi uumama hundaa kan yaadaafi amantii bu'uurri ishee Rabbiin biraa ta'e dubbisu of keessaa qaba.
- Qur'aanni namoota irratti dhiibbaa guddaa qaba. Kana immoo nama mi'aa isaa dhandhametu beeka.
- Qur'aanni Muhammad ﷺ isa amanamaa irratti buufame. Garuu inni seera afaanii adeemsa addaa qaba. Inni akka addunyaatti sirna lugaa Arabaa honga gahaafi bareeduma afaaniitiin beekamaadha.
- Hiikti isaa sababa irratti hundaa'e kan inni ittiin kophaa baheefi raajiin Qur'aanaa baay'een akka inni Rabbiin biraa qofa ta'e agarsiisa.

# RABBIIN QAJEELCHAADHA

> **Fakkeenyaaf uumama lisaafi hojii isaa ibsee maalummaa Rabbiitiin wal bira madaala. Harka lisaa irratti akkuma nabiyyoota biroo raajiin baay'een argameera. Innis gara Rabbii tokkicha gabbaruutti namoota waameera. (Qur'aana 19: 36)**

Uumaa ogeessatu nu uumee mirkaneessuu qofaanuu maaliif akka nu uume nutti hima jechuu barra. Waan Rabbiin nurraa barbaadu akkamitti barra? Sila jireenya muxannoof dogongoraa keessa jiraanna moo kaayyoo dhuunfaa keenyaa milkeessuuf jiraanna? Sila qaama biroo hordofuudhaan dambalii jiruu waliin deemnaa?

Lakki! Rabbiin maaliif akka nu uume nutti himuuf jecha ergamoota ergee kitaabotas buuse.

Rabbiin ergamoota kumaatamaan lakka'aman ergeeera. Ummata hunda keessattuu yoo xiqqaate ergamaa tokko isaan irraa ta'e ergeera. Hundi isaaniituu ergaa "Rabbiin qofa gabbaruufi qajeelfama Isaa hordofuu" fidanii dhufan. Ergamoota kana keessatti Aadam, Nuuh, Ibraahiim, Muusaa, Iisaafi Muhammad faan ni argamu. Hunda isaanii irraa rahmanniifi nageenyi haa jiraatu.

Nabiyyii Muhammad ﷺ tarree nabiyyootaa isa dheeraa keessaa marsaa dhumaati. Amaanaa, haqa, rahmataafi gootummaatti nama hunda caalu. Inni mul'ata dhumaa Rabbiin samii irraa gara warra dachiitti buuseen ergame. Innis Qur'aana waan namootaaf buufame ifa isaaniif galchuudha. Akkasumas Rabbiin akka sodaatanuufi.

Qur'aanni kitaaba qajeelfamaa kan hubannoo namoota baay'ee rakkisu kan akka "maaliif uumamne? Rabbiin eenyu? Hojiin Rabbiin jaalatu maali? Kan Rabbiin jibbu hoo isa kami?" jedhu ibsuudha. Akkasuma seenaa nabiyyoota taraniifi barumsa sana irraa argatamu, oduu waa'ee jannataa, gabbaraa fi Guyyaa Qiyaamaa nuuf ibsa.

Akkuma kana Qur'aanni hubannoo dogongoraa kan waa'ee Rabbii ilaallatu sirreessuutti xiyyeeffata.

CONTENTS






# UUMAMA IISAA

Islaama keessatti yeroo waa'ee Rabbii hubachuu feenu maalummaa Iisaa hubachuu barbaachisa. Sababni isaas namoota irratti wal makachuufi falmii ballaa waa'ee maalummaa isaa ilaalchisee ka'eef jecha.

Kiristaanonni gariin "Iisaan isumatu Rabbi" yookiin sadeessituu Rabbiiti jedhu. Inni qaama waaqaa dachii keessa jiruudha. Rabbitu suuraa namaatiin dhufe jedhu. Kanuma waliin akka kitaaba qulqulluu kiristaanota bira jiruutiin Iisaan ni dhalate, ni nyaata, ni dhuga, ni rafa, ni sagada, beekumsi isaa waan hunda wal gahee hin jiru. Amaloonni kun immoo Rabbii waliin hin deemtu. Rabbiin amala guutuu qaba. Namni immoo faallaa kanaati. Akkamumatti wanti tokko yeroo tokko keessatti waan wal faallessu lama ta'a? Kun waan sammuun fudhatuu miti.

**"YZumj zon nder kimmizinii zum ko haani kanjum woni hewtaaki faamuki zabi'a Almasiihu mom jam e kisndam tabitii dow muuzum wakkati en kavanta hewtaaki paamirgol Allah haro islaam.Non zum, ngam daarango iri jiibdu e**

Kanuma waliin namni gariin "Rabbiin erga waan hunda danda'aa ta'ee maaliif nama ta'uun isaaf hin mijoofne ree?" gaafachuun ni mala.

Hiikuma irraa kaanee Rabbiin hojii Gooftummaa faallessu hin hojjatuu hubanna. Kanaafuu Rabbiin yeroo nama ta'ee amala namummaa fudhate ogga sana gooftaa ta'uu hin danda'u.

Kana irratti dabalata, kitaabni qulqulluun kiristaanota bira jiru keeyyattoolee Iisaan gabricha Rabbii ta'uu akeekuufi Rabbiin isaan adda ta'uu akeeku baay'ee qaba.

Fakkeenyaaf, Yesuus "fuula isaatiin gadi kufee sagade." (Maatiyoos 26: 39)

Iisaan yoo Rabbiin ta'e Rabbiin sagadaaf fuulaan lafatti kufuun ni yaadamaa? Sila eenyuuf sagada?

Kiristaanonni gariin "Iisaan ilma Rabbiiti" jedhu. Kan nuti of gaafachuu qabnu "hiikti kanaa inni dhugaa maali?" kan jedhuudha. Rabbiin ilmi qaamaan dhalatu isarraa argamuu irraa qulqullaa'eera

Kana osoo hin taane, jechi "ilma Rabbii" jedhu seera lughaa Tooraa (Tawraat) keessatti "gabroottan Rabbii gaggaarii" jechuuf fayyada. Kun keeyyata kakuu moofaa baay'ee keessatti gabroottan Rabbii baay'eedhaan jedhameera. Fkn'f Daawud, Suleymaaniifi Israa'iil. Jechichi Iisaa qofarratti hin gabaabbanne. Fakkeenyaaf "Israa'iil ilma koo hangafaati" jedha. (Seera Ba'uu 04:22)

**Rabbiin ni jedhe: "Rabbiif ilmoo godhachuun hin taane. Inni qulqullaa'e."**

(Qur'aana 19: 35)

Amantiin Islaamaa Iisaan inni dhugaa eenyuun akka ta'e ibsiti. Kun immoo amantii sirrii waa'ee Rabbii, guddina isaa, tokkummaa isaafi guutiinsa isaa tiksuu waliini.

Iisaan ergamaa kabajamaa akka inni gara Rabbii tokkicha gabbaruutti waamuuf Rabbiin isa ergeedha.

CONTENTS






# EGAA .... MAALIIFIN AS JIRAADHA?

Namni hunduu akka qaamni akka ijaa, gurraa, sammuufi qalbii argamuun ishee kaayyoo qabu ni amana. Kun akka namni tokko guutuun isaa argamuun kaayyoo qabu hin agarsiisuu?

Rabbiin ogeessi immoo akka nuti kaayyoo tokko malee dhamaanuuf nu hin uumne. Akkasumas akka fedhii keenya nyaataa, dhugaatiifi wal qunnamtii qofa guuttannuuf nu hin uumne. Nuti kaayyoo guddaa qabna. Innis Rabbiin jiraachuu mirkaneessuufi isa qofa gabbaruudha. Kanaan qajeelfama Gooftaa keenyaa irra jiraanna. Qajeelfamni kun akka nuti jireenya kallattii hundaan milkaa'aa jiraannu nu taasisa. Qajeelfamni kun ibaadaa dhuunfaa kan bu'aan ishee nama dhuunfaatti deebi'u kan akka salaataafi kan bu'aan ishee hawaasa fayyadu kan akka ollaaf tola ooluu, maatii tiksuu, amaanaa eeguufi beelladoota tiksuu of keessatti qabata.

Rabbiin ol ta'e gabbaraa waan isaan ala jiruu, sanama, biiftuu, ji'a, beektolee, warra gabbaraa (ibaadaa) godhanis ta'ee nabiyyootayyuu gabbaruu haraama nurratti godheera. Rabbiin ol ta'e shariikaafi jaarsummaatti hin haajomu. Namni kamuu mataa isaatiin gara Rabbiitti dhaqqabuu danda'a.

Rabbiin jireenyattii kana qormaataa jedhee waame. Akkaataan qormaata ishee baay'eedha. Nuti waan nurratti argamu murteessuu hin dandeenyu. Garuu deebii hojii keenyaa to'achuu ni dandeenya. Sababoonni gara Rabbiitti nu dhiheessituufi jannata nu galchitu rakkoo irratti obsuufi qananii irratti galateeffachuudha. Rabbiin ol ta'e yoo nuti isatti kafaruu filanne yookiin ajaja isaa dhiifne adabbii ibiddaatiin nu akeekkachiiseera.

# KANAAFUU.... AMMA MAAL HOJJACHUUTU NARRA JIRA?

Amantii gabrichaa ilaaluun sammuu hojjachiisuufi ragoolee jiraachuu Rabbii agarsiisaniin Rabbiin baruu isaa qormaatuudha. Akkuma kana ajaja Rabbiifi dhorgaa isaatiin jiraachuudha. Innis ajaja Rabbiitiif of gadi qabuudhaani. Kun Afaan Arabaatiin "Muslimaa" ta'uu jedhama

Rabbiin ol ta'e Islaama kan namni hunduu isa fudhachuu danda'u taasise. Seenaa isaanii, amantii isaan irra turaniifi haalli isaan irra jiran hin ilaalamu. Kanaafuu, nama kamiifuu haala salphaadhaan Muslima ta'uun ni danda'ama. Innis kallattii shahaadaa armaan gadiitiin ta'a. Innis amanuufi dubbachuudhaani:

**"Gooftaan dhugaan gabbaramu Allaah malee hin jiru; Muhammad immoo ergamaa Rabbiitii ragaan baha."**

Amma yeroon ati kaayyoo uumamteef milkeessuuf sochootu, dhugaa qabattuufi uumaan jiraachuu mirkaneessitu hin geenyee?

CONTENTS


SEENSA ISLAAMUMMMAA
NABIYYII MUHAMMAD
Almasiih Iisaa ilma Maryam
YAAD-RIMEE GOOFTAA ISLAAMUMMAA KEESSATTI
QUR'AANA
KAAYYOON JIREENYAA MAALI?
HUBANNOO DOGONGORAA ISLAAMAAN WAL ILAALLATU
Mirga Dubartootaa Islaamummaa Keessatti
DINQII SAAYINSAWAA QUR'AANA
DU'A & AAKHIRA ISLAAMUMMAA KEESSATTI


# HUBANNOO DOGONGORAA ISLAAMAAN WAL ILAALLATU

OROMI | (07/10) مفاهيم خاطئة حول الإسلام | FREE COPY

Wanti ati Waa'ee Islaama Dhugumaan Beektu Maali?


جمعية دار البر
Dar Al Ber Society
www.daralber.ae
الإمارات
THE EMIRATES
Your Path To Peace..
مركز المعلومات الإسلامي
Islamic Information Center
التعريف بالإسلام
تصريح رقم: (2017/139)
دائرة الشؤون الإسلامية والعمل الخيري
Islamic Affairs & Charitable Activities Department
www.islamicic.com

CONTENTS






























# DURSA

Islaamni amantii ballinaan addunyaa irra tamsa'aaru ta'uu waliin amantii haala sirrii hin taaneen hubatameedha. Sababa kanaas baay'eedha. Isaanis: miidiyaa, siyaasa, diinagdee, sabaafi qaama biraa sodaachuu fa'i. Qabatamni dogongoraafi hubannoon sirrii hin taane kan waa'ee Islaamaa ilaalchisee babal'ates kana keessa seena. Kallattiin ittiin Islaamaafi Muslimoota hubatan inni guddaan yaada babal'ate kana dhiisanii yaada hundaawuu barnoota sharii'aa Islaamaa burqaa isaa sirrii ta'e irraa mirkaneeffachuudha.

## Hubannoo dogongoraa 1- Muslimoonni Namoota Muslima hin Taaneef Toltuu hin Qoodanu. Haala Gaariinis Isaan Waliin hin Jiraatanu

**"Nabiyyiin ﷺ ni jedhan: "caalaan keessan nama akkaan amala gaariiti."**

Bukhaariitu gabaase (3559)

Namoonni gariin duudhaan (amalli) Islaamaa hanga ta'een naamuusa warra dhihaatiin wal hin galu jedhu. Yaanni kunis dhugaa irraa fagoodha.

Sababni isaas Muslimoonni duudhaa addunyaafi gaarii ta'e ni tiksu. Isaanis:

- Nama amanaafi haqaa ta'uu
- Waadaa eeguu
- Mirga amantii eeyyamuu
- Maatii, firoota, ollaafi namoota umuriin si caalan kabajuu
- Qabeenya kallattii toltuutti baasuu, arjaa ta'uu, hiyyeessaafi abbaa dhimmaatiif yaaduu
- Ollaaf tola ooluu
- Kijiba, gowwoomsuu, arrabaafi hamii irraa fagaachuu

Muslimoonni haala bu'a qabeessaan hawaasa keessatti hirmaachuu, yeroo hundaa naamuusa gaarii, jechaafi gocha filatamaatti ajajamoodha.

## Hubannoo dogongoraa 2- Muslimoonni Gooftaa Haaraa "Allaahaa" Jedhamu Gabbaru

**Muslimoonni gooftaa nabiyyoonni isaaniin duraa kan akka Nuuh, Ibraahiim, Muusaafi Iisaan gabbaraa turan gabbaru.**

Jechi "Allaahaa" jedhu jecha Afaan Arabaa kan Rabbii gabbaramu jechuu akeektuudha. Isheen jecha hiika guddaa qabdu kan Rabbii tokkichaaf malee hin moggaafamneedha. Yahuudonniifi kiristaanonni Arabaa yeroo Rabbii isaanii dubbachuu fedhan jecha kanatti fayyadamu.

Muslimoonni, yahuudaafi Kiristaanonni hunduu Rabbii Uumaatti amanuu waliin hubannoon waa'ee Rabbii garuu isaan hunda birattuu wal dhabbii guddaa qaba. Akka fakkeenyaatti Muslimoonni Rabbiin abbaa yookiin ilmaan qabaachuu ni mormu. Akkuma kana qaama sadeessituu sadii ta'uu mormu. Guutummaa Rabbii guddaaf qofa taasisu.

CONTENTS
































## Dogongora 3- Islaamni Shororkeessummaatti Kakaasa.

Miidiyaan dhama'aan addunyaa irra jiru Muslima lolu hundaa shororkaadha jedhu. Sababa inni loluuf sirrii ta'uufi dhabuu hin ilaalanu. Miidheetimoo miidhamee lolaa jira kan jedhu hin ilaalanu.

Islaamni namoota nagaa lolaa hin jirre odoma lola keessatti ta'eeyyuu ajjeesuu hojii jibbamaafi dhorkamaa akka ta'e dirree baasee ibsa. Qabatamni barnoota Islaamaa namoota nagaa dhiisii lola keessattuu dirqama yoo ta'e malee qabeenyaafi lubbuu barbadeessuu ni dhorga. Kanuma waliin shororkeessaafi qaama weerara of irraa deebisuuf lolu adda baasuun dirqama. Garaagarummaan isaan jidduu jiru akka adiifi gurraachaati.

Qur'aanni haala shakkii tokko hin dhiifneen rakkoo lubbuu nagaa ajjeesuun ishee dhorgaa ta'e ajjeesuun qabu ibsa. Jireenya namaa irratti akkaan xiyyeeffachuun barbaachisaa ta'uu ibsa.

**Rabbiin ol'aanaan akkana jedhe: "namni lubbuu tokko lubbuu biraatiin yookiin dachii keessa balleessuun alatti ajjeese akka waan nama hunda ajjeeseti; namni ishee jiraachises akka waan nama hunda jiraachiseeti» jechuu murteessine.**

(Qur'aana 5: 32).

## Dogongora 4- Islaamni Dubartii Hacuuca

Islaama keessatti dhiirriifi dubartiin Rabbiin biratti mindaa, adabbiifi hojii irratti qormaatamuu keessatti wal qixa. Fuuldura Rabbiitti namni tokko kan biraa sodaa Rabbiitiin malee hin caalu.

**Rabbiin ol'aanaan akkana jedhe : "Rabbiin biratti akkaan kabajamaan keessan kan akkaan Rabbiin sodaatuudha."**

(Qur'aana 49 : 31).

Keeyyatattiin kun akka kabajaan dhugaa hiyyummaa yookiin durummaa namaatiin, addeenya yookiin gurraachina isaatiin hin taane, akka inni sodaa Rabbiitiifi Qur'aana dhugoomsuun ta'e akeekti. Kun dhiiraafi dubartiif wal qixa.

***Rabbiin dhiiraafi dubartii uumee itti gaafatamummaa guddaafi gahee adda addaa kan uumama isaaniitiin wal madaalu isaanitti kenne. Qorannoon isaas hanga dandeettiitiin ta'a.***

Islaamni dubartiidhaaf haqa ishee hundaa kenneera. Ishee kabajee kabajaa ishee gaaromse. Bakka wal qixxummaan haqa ishee ta'utti wal qixxeesse. Fakkeenyaaf qabeenya hojjatachuu, gaa'ila qeebaluu, barnoota ishee xumuruu, yoo feete hiikamuufi dhaala irraa qooda ishee argachuu fa'adha.

Wanta nama gaddisiisu keessaa tokko dubartoonni Muslimaa gariin hacuuccaa jalatti kufuudha. Garuu kun rakkoo Islaamaa yookiin rakkoo barnoota isaatii miti. Inni rakkoo aadaa

CONTENTS
































hawaasa tokko tokkoo kan Islaamni ishee didu biyya garii keessatti argamtuudha.

## Dogongora 5- "Qur'aanni Kitaaba Seenaa Yookiin Kitaaba Walalooti."

Qur'aanni kabajamaan jecha Rabbii ol ta'eeti. Kallattii Malaa'ikaa Jibriiliin gara nabiyyii Muhammaditti ﷺ erge. Inni dhugaafi dhara adda baasaadha. Inni bu'uura qajeelumaa kan namni ittiin milkaa'u hunda of keessatti qabateera.

*Kallattiin filatamaan ati ittiin ergaa Qur'aanaa hubattu ati mataa keetiin isa dubbisuudha.*

Qur'aanni jireenya ergamoota duriitiifi ummata isaanii irraa barumsa cuunfee fuudha. Kun immoo akka nuti fakkeenyaafi seenaa isaanii karaa godhannuuf.

Ammas Qur'aanni waa'ee Rabbii, waa'ee lubbuu keenyaa, kaayyoo uumamneef nutti hima. Isheen tokkummaa Rabbii mirkaneessuudha.

Rabbiin kaayyoo malee nu hin uumne. Callisees nu hin dhiifne. Amantaa gabrichaa qorachuun sammuu isaa, bilisummaa isaatiifi yaada isaa fayyadamee kana hundaan jiraachuu Rabbii uumaa ogeessa ta'ee kan akka dhugaan ifa isaa galuuf jecha mallattoolee itti ergeetti qajeeluufi. Mallattoolee kana hunda keessaa irra guddoon Qur'aana gara isaatti buusuudha.

Qur'aanni mataan isaa raajii baay'ee of keessaa qaba. Gooftaa dachiifi samii biraa buufamuun isaa shakkii tokko hin qabu. Kallattiin filatamaan ati ittiin ergaa Qur'aanaa hubattu ati mataa keetiin isa dubbisuudha.

## Dogongora 6- Hijaabni Hacuuccaadha.

Waa'ee hijaabaa xinxaluudhaaf, dubartiin Muslimaa qaama ishee dhoksuutti ajajamtuudha. Dhiira orma fuulduratti faaya ishee dhoksuuttis ni ajajamti.

Kanuma waliinuu hijaabni hijaaba isa gubbaa qofaa mti. Hijaabin iccitiis ni jira. Innis hijaaba haasawa gaariifi amala filatamaa kabajamaati.

Hijaabni bu'aa baay'ee qabaachuu walin sababni inni bu'uuraa kan dubartiin Muslimaa hijaaba godhattuuf waan ajaja Rabbii ta'eefi. Rabbiin waan gabroota isaatiif karaa godhuufi waan isaaniif tolu ni beeka.

Hijaabni bakka bareeduma qaamaa kan alaa bareeduma amantii kan keessaa buusuudhaan dubartiif jabeessuudhaan ishee deeggara. Inni dubartiidhaaf bilisummaa guutuu waliin akka isheen qaama hawaasaa taatee kabajaafi qaanfii eeggattu taasisa.

Hijaabni mallattoo dhiibbaa, hacuuccaa yookiin xinneenyaa miti. Garuu inni dubartoota ilaalcha dhiira fedhii hordofuu hamaa ta'e irraa tiksa. Akkuma kana wal qoqooduu fedhii irratti hundaa'e irraa ishee tiksa.

Kanaafuu yeroo dubartii Muslimaa argite wanti ati beekuu qabdu isheen qaama ishee haguuggatte malee sammuu ishee hin haguugne.

CONTENTS






## Dogongora 7-Muslimoonni Hunduu Araba Irraayi.

Dhimmichi akkanaa miti. Muslimoonni Arabaa 20% qofa. Kanaafuu Muslimoonni 80% Afaan Arabaa hin dubbatanu. Akka fakkeenyaatti lakkoofsi Muslima Indooneshiyaafi Hindii keessa jiruu qofti lakkoofsa Muslima Arabaa ni caala.

Barnoota Islaamaa keessaa tokko namni tokko nama biraa sababa gosa yookiin bifa isaa hin caalu. Gosaan adda bahuu Islaamni bareechee loleera. Inni ergaa addunyaa kan nama hundaati. Innis namni kamuu hanga Rabbiin tokkoomsee qajeelfama isaatiin hojjatutti milkuu kallattii sirrii ta'een argachuu hin danda'u.

## Dogongora 8- Jihaanni Shororkaadha.

Maalummaan jihaadaa kallattii Rabbiin karaa godheefi jaalatuun karaa Isaa keessatti qabsaa'uufi of wareeguumuudha. Jechi jihaada jedhu qabsoofi obsa akeekti. Inni hojii gaarii hundaafi kallattii toltuu keessatti arjoomuu ofitti ida'ata. Inni qalbii, arrabaafi qaamaan godhama. Nafsii, fedhii, shayxaanaafi kaafiroota irratti qabsaa'ama. Gosti jihaadaa baay'inaan beekamu jihaada isa lolaa kan nageenya hawaasaa eeguu, roorroo diinaa deebisuu, dhugaa mirkaneessuufi haqa ballisuuf eeyyamameedha. Inni kun haala jiru irratti hundaa'ee of irraa deebisuu yookiin fuuldura loluu ta'uu danda'a.

## Dogongora 9- Muslimoonni Muhammadiin Yookiin Gooftaa Ji'aa Gabbaru

Hubannoon dogongoraa inni guddaan tokko Muslimoonni Nabiyyii ﷺ gabbaru kan jedhuudha. Inni kun dhugumatti waan haqa irraa fagaateedha. Jecha Ergamaa Rabbii ﷺ armaan gadiitiin isa dhabamsiisuun salphaadha: "akka kiristaanonni Iisaa ilma Maryam daangaa irra dabarsan daangaa ana hin dabarsinaa. Ani gabricha Rabbiiti. Kanaafuu, gabricha Rabbiifi ergamaa Isaa naan jedhaa." Bukhaariitu gabaase. (3445)

***Barnoota Islaamaa keessaa tokko ergamoota hunda kabajuufi ulfeeffachuudha. Garuu isaan kabajuun kun isaan gabbaruu miti.***

Ammas yaanni biraa kan kana fakkaatu dhugaa irraa fagaate ni jira. Innis Muslimoonni gooftaa baatii/ji'aa gabbaru kan jedhuudha. Islaama keessatti akkuma beekamu ji'a, biiftuu yookiin waan Rabbiin malee jiru kamuu gabbaruun shirkiidha.

**Rabbiin ol ta'e ni jedhe: "biiftuufi ji'aaf hin sujuudinaa. Yoo kan Isa qofa gabbartan taataniif Rabbii Isa isaan uumeef sujuudaa."**

Qur'aana 41: 37

Islaamni guutummaa honga gahaa, guddina dhimshaashaafi tokkummaa guutuu Rabbii gooftaa aalamaatiif mirkaneessa. Inni Gooftaa haqaan dhaabbataa mararfataadha. Isa gabbaruufi Isa tokkoomsuun wiirtuu Islaamaati. Inni jecha Rabbii fi Ergamaa Rabbii ﷺ keessatti dubbatameera.


CONTENTS

























## Dogongora 10- "Islaamni Dirqiidhaan Fuuchuu Eeyyama."

Sirni Gaa'ilaa addunyaa keessatti yeroo baay'ee aadaa biyya tokko keessatti moo'ee hordofamu jala seena. Kanuma waliin dirqiin fuuchuun kun aadaa Muslimoota qofa irratti gabaabbatee miti. Garuu namoonni waan Islaamatti yaada hin tolleef fidanii Islaamattimaxxansan.

Islaama keessatti dhiiras ta'ee dubartiin mirga gaa'ila sana filachuu yookiin diduu ni qabu. Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: "dubartiin heerumtee beektu fira isheerra isiitu of beeka. Kan hin heerumin immoo ni maryachiifamti. Eeyyamni ishee callisuu isheeti." Muslimtu gabaase. (1421).

## Dogongora 11- "Islaamni Muslima Ta'uu Nama Dirqisiisa."

> ***Rabbiin ol ta'e ni jedhe: "dirqisiisuun amantii keessa hin jiru. Qajeelumni jallina irraa ifa baheera."***
> **Qur'aana 2: 256**

Muslimoota irratti gara ergaa Islaamaatti nama waamuufi addunyaa hunda keessa ishee babal'isuun dirqama ta'us dirqisiisanii nama Muslima godhuun eenyuufuu hin eeyyamamu. Muslima ta'uun, Rabbitti amanuufi isaaf ajajamuun mirkanii guutuu, bilisummaa guutuufi amantii qalbii keessa gadi seeneen ta'uu qaba. Dabalata immoo eenyunuu Islaamatti seenuudhaa dirqisiifamuun hin ta'u.

Waan armaan gadii yaada kee keessa kaa'i.

- Lakkoofsi Muslimaa baay'een Indooneeziyaa keessatti argama. Ishee immoo Islaamni odoo dhiigni si'a tokko hin cobin seene.
- Lakkoofsi kiristaanota Kooptikii warra wiirtuu biyya Arabaa keessa jaarraa dheeraa jiraatanii miliyoona 14 gahu.
- Islaamni gubbaa dachii irratti amantii hundarra babal'ataara.
- Miidhaa, hacuuccaafi haqni dhibamuudhaan loluun jihaada irraa lakkaa'ama. Garuu namoota dirqiidhaan Islaama fudhachiisuun jihaada irraa hin lakkaa'amu.
- Muslimoonni biyya Ispeen jaarraa saddeet bulchan. Yoomuu akka namoonni amantii isaanii dirqiin dhiisanii Islaamatti jijiiran hin goone.

## Xumura

Madda amanamaa hin taaneefi gahumsa hin qabne irraa qofa odoo madda isaa isa sirrii irraa hin mirkaneeffatin Islaama barachuun rakkoo guddaa hubannoo dogongoraatiin nama dhaqqabsiisuudha. Yaada dogongoraa Islaama ilaallatu kana odoo madda isaa bu'uuraa sirrii ta'e irraa hin mirkaneeffatin amanuuf hin deemin. Amantiin ummanni addunyaa tokko afraffaa ol amanu kun bifa miidiyaan dhama'aan ittiin isa dhiheessu kana ta'uun gonkumaa hin mijaa'u.

***Inni amantii nageenyaafi rahmataati. Ergaan isaa xiyyeeffannaan qoratamuufi odoo itti hin murteessin gadi fageenyaan ilaalamuu qaba.***

HOTLINE
+971 56 204 2045
islamicicdxb
islamicic.com  info@islamicic.com  +971 4 355 5223
DOWNLOAD OROMOO FLYER
www.iicdxb.com/oromoo

CONTENTS


SEENSA ISLAAMUMMAA

NABIYYII MUHAMMAD

Almasiih Iisaa ilma Maryam Ergamaa Rabbii

YAAD-RIMEE GOOFTAA ISLAAMUMMAA KEESSATTI

QUR'AANA Mul'ata dhumaa dhala namaaf

KAAYYOON JIREENYAA MAALI?

HUBANNOO DOGONGORAA ISLAAMAAN WAL QAALLATU

Mirga Dubartootaa Islaamummaa Keessatti

DINQII SAAYINSAWAA QUR'AANA

DU'A & AAKHIRA ISLAAMUMMAA KEESSATTI


# Mirga Dubartootaa Islaamummaa Keessatti

OROMI | (08/10) حقوق المرأة في الإسلام | FREE COPY

Kabajamtuu

Jaallatamtuu

Mararfatamtuu


جمعية دار البر
Dar Al Ber Society
www.daralber.ae

الإمارات
THE EMIRATES

*Your Path To Peace..*

مركز المعلومات الإسلامي
Islamic Information Center
للتعريف بالإسلام

تصريح رقم:
(2017/139)

دائرة الشؤون الإسلامية والعمل الخيري
Islamic Affairs & Charitable Activities Department

www.islamicic.com

CONTENTS






























# Seensa

Dubartoonni Islaamummaa keessatti yeroo baay'ee akka gabroomfatamanii, salphatamanii fi bitamaniitti yaadama. Garuu dhugaan jiru akkasii? Dubartoonni Musliimaa miliyoonotaan lakkaa'aman gabroomaniiru moo yaadonni dogoggoraa kun miidiyaalee loogii qabaniin kan tolfamanidha?

Rabbii ol'aanaan akkana jedha: **"Isaaniifis (mirga) fakkaataa akka (dirqama) isaan irra jiruutu haala gaariin isaaniif jira"** Qur'aana 2:228

Jaarraa kudha afur dura Islaamummaan dubartootaaf mirga dubartoonni biyyoota dhihaa dhiheenya kana qofa malee kan hin arganne kenneera. Bara 1930moota keessa Annie Besant dhugaa barbaachisaa tokko hubatteetti: "Biyyi Kiristaana Ingiliiz mirga dubartoonni qabeenya qabaachuuf beekamtii kan kennite yoo ta'u, Islaamummaan garuu mirga dubartootaaf duri kaasee bara hundumaa keessatti beekamtii kenneera. Islaamummaan mirga lubbun jiraachuu dubartootaa akka sarbamu barsiiseera jechuun maqaa balleessiidha" (The Life and Teachings of Muhammad, 1932).

Dhiiraa fi dubartiin hundinuu nama tokko irraa kan dhufanidha. Innis Nabi Aadam ﷺ. Islaamummaan haqaa fi waliin jireenya gaarii malee isaan lamaanuu irraa hin qeebalu.

## Walqixxuumma Badhaasaa fi itti Gaafatamummaa

Dhiiraa fi dubartiin Rabbiin haala wal fakkaatuun gabbaru. Kana jechunis Rabbii tokko (Allaahaa) gabbaru ibaadaa tokkicha raawwatu. Kitaaba tokkicha hordofu. Amantaa tokko qabatu. Rabbiin (Allaahaan)—jechi Arabaa hiikni isaa Waaqa dhugaa tokkicha uumama hundaati. Namoota hunda haqaa fi haqummaan bulcha. Rabbiin keeyyattoota Qur'aana hedduu keessatti mindaa fi haqaa keessatti wal qixa akka ta'an cimsee ibsa.

Rabbiin ol ta'aan akkana jedha: **"Rabbiin mu'uminoota dhiiraatiifi dubartootaatiifis jannata laggeen ishee jala yaatu, ishee keessatti kan hafan ta'anii manneen gaggaarii jannata qubsumaa keessa taates waadaa galee jira."** Qur'aana 9:72

Rabbin akkanas jedha: **"Ani dalagaa nama isin irraa dalagee kan dhiiraas ta'ee dhalaa hin balleessu. Gariin keessan garii irraayyi" jechuun isaaniif awwaate."** Qur'aana 195:3

Keeyyattoonni kunniin badhaasni gocha namaa irratti malee saala namaa irratti akka hin hundoofne agarsiisu. Akkaataa namni tokko itti badhaafamuu fi itti murtaa'u keessatti saalli ga'ee tokkollee hin qabu.

CONTENTS






Islaamummaa amantiiwwan biroo wajjin yoo wal bira qabnee ilaallu, Islaamummaan haqa saalaa akka kennu ni argina. Fakkeenyaaf, Islaamummaan muka haraama irraa nyaachuu isheetiin Aadam caalaa Hawwaan ni komatamti jedhu ni dida. Akka Islaamummaatti Aadamii fi Hawwaan lamaan isaanii iyyuu cubbuu hojjetaniiru, lamaan isaanii iyyuu tawbatanii Rabbiin lamaan isaaniif dhiifama godheera.

## Walqixxumma Mirga Beekumsa Argachuu

Dhiiras ta'e dubartiin beekumsa akka horatan ni jajjabeeffamu. Nabiyyiin ﷺ akkana jedhan: "Beekumsa barbaaduun muslima hunda irratti dirqama."

Akkasumas, Hayyoonni Musliimaa dubartoota gurguddoon bara Nabiyyii ﷺ kan turan yoo ta'u, gariin maatii isaa irraa kaan immoo hiriyyoota (Sohaabota) isaa ykn ijoollee durbaa isaanii turan. Isaan keessaa kan beekamtu Aa'ishaa, haadha warraa Nabiyyii ﷺ kan karaa isheetiin seera Islaamaa (sharii'aa) keessaa harki afurtamaa dabarfamee jira.

Dubartoonni biroos beektoota sharii'aa fi hayyoota ta'an kan turan yoo ta'u, hayyoonni beekamoo biroon isaan jalatti baratu turan.

## Mirga Walqixaa Hiriyaa Gaa'elaa Filachuu

Islaamummaan dubartootaaf mirga hiriyaa gaa'elaa filachuu fi erga fuudhanii booda maqaa maatii isaanii isa jalqabaa akka eegan kennuudhaan kabaja kenneera. Kun ta'us, namoonni baay'een abbootiin ijoollee durbaa isaanii dirqisiisanii akka gaa'ela godhatan jajjabeessa jedhu qabu. Haa ta'u malee, kun gocha Islaamummaa keessatti bu'uura hin qabnee fi seera Islaamaatiin kan dhorkameedha.

Bara Nabi Muhaammad ﷺ dubartiin tokko itti dhuftee **"Abbaan koo sadarkaa isaa ol kaasuuf ilma obboleessa koottii akkan heerumu na dirqisiise."** jette. Nabiyyiin ﷺ abbaa intalattii waamuuf erge, Yoo dhufu bakka inni jirutti, heerumtee turuu ykn gaa'ela sana haquu akka filattu mirga isheef kenne. Isheenis deebisteef, "**Yaa Ergamaa Rabbii waan abbaan kiyya hojjate fudhadheera, garuu dubartoota birootti agarsiisuu barbaade (dirqiin fuudhaa fi heerumatti galuu akka hin dandeenye) agarsiisuu barbaadee."** jette

## Wal-qixa Garuu Adda

Dhiiraa fi dubartiin akka qajeelfama waliigalaa tokkootti mirga walqixa kan qaban yoo ta'u, mirgoonni fi itti gaafatamummaa addaa tokkoon tokkoon isaaniif kennamu wal hin fakkaatu. Dhiiraa fi dubartiin mirgaa fi itti gaafatamummaa walfakkaataa osoo hin taane wal-simataa qabu.

CONTENTS






Garaagarummaan qaamaa (Anatomy) alaa fi keessaa akkuma jirutti ta'e, saayintistoonni akkaataan dhiiraa fi dubartoonni afaan, odeeffannoo fi miira itti hojjetan irratti garaagarummaa hedduun akka qaban ibsu.

Fakkeenyaaf, garuu kanneen qofaan kan daangeffame miti:

Ogeessi hawaas-baayoolooji Yunivarsiitii Haarvaard Edwaard Wiilsan, "Dandeettiin dubbii, gara laafinaafi dandeettii hawaasummaa dubartoonni qaban dhiirota caalaa ol'aanaa yoo ta'u, dhiironni immoo—wantoota biroo keessaa—of danda'uu, olaantummaa, dandeettii iddoo fi herregaa, dorgommii sadarkaa wajjin walqabatee fi amala birootiin ol'aanaa dha" jedha.

Saala lamaan wal fakkaataa godhanii ilaaluu fi garaagarummaa isaanii tuffachuun ogummaa miti.

Islaamummaan dhiiraa fi dubartiin gahee wal-simataa garuu adda ta'ee fi uumama isaaniif caalaatti mijatu akka qaban barsiisa.

Rabbii inni hundumaa danda'u akkana jedha:

**"Dhiirri akka durbaa miti"**

Qur'aana 3:36

**"Sila Inni (iccitii) uumee keessa argaafi beekaa ta'e, (iccitii isaanii) hin beekuu!"**

Qur'aana 67:14

## Tokkummaa Maatii

Rabbii dhiirotaa fi dubartoonni adda akka ta'aniif uume, gahee, dandeettii fi itti gaafatamummaa adda ta'e akka qabaataniif. Badhaadhina qabeenya maatii kanaaf dhiironni itti gaafatamummaa kan qaban yoo ta'u, dubartoonni ammoo fayyaa qaamaa, barnootaa fi miiraa maatii kanaaf gumaacha godhu. Kunis dorgommii osoo hin taane tumsa kan jajjabeessu yoo ta'u, tokkoon tokkoon isaanii itti gaafatamummaa waliinii isaa waan ba'uuf, maatii cimaa waan ijaaruuf hawaasa walitti hidhame ijaara.

Akkasumas miiraan, dhiiraas ta'e dubartoonni wal malee jireenya gammachuu hin jiraatan. Rabbiin kana akkana jechuun bareechee ibsa:

**"Isaan isiniif uffata; isiniis isaaniif uffata"**

Qur'aana 2:187

Uffanni mijataa, ho'aa fi tasgabbii kan kennu yoo ta'u, dabalataanis namicha bareechee qaama isaa kan haguugudha. Akkasitti hariiroon hiriyoota gaa'elaa gidduu jiru kan mul'atu yoo ta'u, tokkoon tokkoon isaanii isa kaaniif gaaddisa fi baqannaa ta'anii tajaajilu.

CONTENTS






# Jaalalaafi Araaraa Hariiroo Hiriyaa Gaa'elaa Keessatti

Nabiyyiin ﷺ dhiironni haadha warraa isaanii haala gaarii ta'een akka waliin jiraatan jajjabeessaniiru, "Isin keessaa warri gaariin warra haadha manaa isaaniif gaarii ta'eedha." jedhaniiru. Al-Tirmiziin (3895) kan odeesse.

> **Rabbiin olka;aan akkana jedha: "Lubbuma keessan irraa akka gara isaaniitti boqottaniif haadholee manaa isiniif uumuufi gidduu keessanittis jaalalaafi mararfannaa gochuun mallattoolee isaa irraati. Dhugumatti, kana keessa namoota xiinxalaniif mallattooleetu jira."**
> **Qur'aana 30:21**

Aa'ishaan haadha manaa Rasuulaa ﷺ waa'ee amala Nabiyyiin ﷺ mana isaanii keessatti raawwatan gaafatamte. Isheen akkas jette: "Inni mana isaa keessatti akka nama kamiyyuu ture, caalaatti obsaa fi arjaa ta'uu isaa malee. Hojii manaa barame irratti haadhotii manaa isaaf gargaarsaa dhiyeessuuf fedhii qaba ture. Uffata ofii isaa ni tolcha, kophee ofii isaa ni supha, walumaa galatti hojii haadhotii manaa isaa hojjetan kamiyyuu ni gargaara ture."

# Sadarkaa Ol'aanaa Haadholii fi Ioollee Dubaraaf

Haati tokko daa'ima tokko irratti dhiibbaa guddaa kan geessistu, keessumaa waggoota jalqabaa isaaniitti, gara laafina, kunuunsaa fi jaalala isheetiin. Milkaa'inni hawaasa tokkoo haadholii irraa kan madde ta'uun isaa shakkii hin qabu, kanaaf Islaamummaan isaan kabajuu fi sadarkaa isaanii ol kaasuun isaa dirqamadha.

**Rabbiin Qur'aana keessatti akkana jedha:**

> **"Namootaaf abbaafi haadha isaatti tola ooluu dhaamne. Haati isaa rakkoon isa baadhattee, rakkoon isa deesse"**
> **Qur'aana 46:15**

Nabiyyiin ﷺ yeroo tokko akkana jedhamee gaafatame: "Yaa Ergamaa Rabbii namoota keessaa eenyutu hiriyyummaa gaarii kiyya irra malu?" Innis akkana jedhe: "Haadha kee." Namichis si'a lama: "Sana booda hoo eenyu?" Deebiin kanumatu kennameef, yeroo afraffaaf qofa Nabiyyiin ﷺ deebisee akkana jedhe: "Ergasii abbaa kee." Al-Bukhaarii (5971) fi Muslim (2548) odeesse.

Mindaan kan kennamu gaarummaa haadholii irratti godhamuuf qofaa miti. Dhugaa dubbachuuf Islaamummaan ijoollee durbaa guddisuu keessatti mindaa addaa ramadee jira; mindaa ilmaan dhiiraa guddisuuf illee hin kennamnedha.

CONTENTS
































Nabiyyiin ﷺ akkana jedhan: "Nama ijoollee durbaa sadii qabaatee, gaaddisa isaanif ta'e, rahmata isaaniif argisiise, waan isaanif dhiheessuuf mara jannata isaaf wabii ta'a." "Yaa Ergamaa Rabbii lama yoo ta'e hoo?" Innis akkana jedhe: **"Lama yoo ta'es"** Namoonni tokko tokko utuu: "Tokko" jedhanii gaafatan t'e, "Tokko" akkana jedha ture. Ahmad (14247) irraa odeesse.

# Xumuraa

Islaamummaa dura, dubartoonni akka nama salphina fidanitti ilaalama turan. Shamarran xixiqqoo lubbuun awwaalaman, sagaagalummaan babal'atee, wal hiikuun harka abbaa manaa qofa, dhaalli warra aangoo qabaniif qofa kan kenname, cunqursaa fi jal'inni babal'atee ture. Islaamummaan dhufee gochoota kana haqee, kabajaa fi mirga dubartootaa deebisee.

Ammallee biyyoota guddatan keessatti dubartoonni hojii wal qixaaf kaffaltii wal qixaa dhiisii kabajni fi ulfinni hin kennamu. Islaamummaa keesatti garuu dubarti qaalii fi gatii guddaa qabdi. Tuffatamuu fi arrabsamuus tasuma hin qabdu.

Biyyoota Baha Giddu Galeessaa tokko tokko keessatti ykn maatii Musliimaa keessatti dubartoota irratti miidhaa hamaa irra gahu sababa aadaa Muslimoonni tokko tokko dogoggoraan hiikan irraa kan ka'e malee Islaamummaa irraa kan ka'e miti.

Ta'uu baannaan dubartoonni baay'een amantii cunqursaa akkasii yoo ta'e maaliif fedhiidhaan gara Islaamummaatti seenu?

Dubbii keenya Jecha Gooftaa keenyaa fi Gooftaa kee, Uumaa fi Dhiyeessaa dhiiraa fi dubartiitiin xumurra.

**"Dhugumatti, dhiironni Muslimaatiifi dubartoonni Muslimaas, dhiironni mu'uminaatiifi dubartoonni mu'uminaas, dhiironni Rabbiif ajajamaniifi dubartoonni Rabbiif ajajamanis, dhiironni dhugaa dubbataniifi dubartoonni dhugaa dubbatanis, dhiironni obsaniifi dubartoonni obsanis, dhiironni (Rabbiin) sodaataniifi dubartoonni (Rabbiin) sodaatanis, dhiironni sadaqataniifi dubartoonni sadaqatanis, dhiironni soomaniifi dubartoonni soomanis, dhiironni qaama saalaa isaanii (haraama irraa) tikfataniifi dubartoonni tikfatanis, dhiironni hedduu Rabbiin faarsaniifi dubartoonni hedduu faarsanis, Rabbiin araaramaafi mindaa guddaa isaaniif qopheesseera"**

Qur'aana 33:35

HOTLINE
+971 56 204 2045
islamicicdxb
islamicic.com info@islamicic.com +971 4 355 5223
DOWNLOAD OROMOO FLYER
www.iicdxb.com/oromoo

CONTENTS



SEENSA ISLAAMUMMAA
NABIYYII MUHAMMAD
Almasiih Iisaa ilma Maryam
YAAD-RIMEE GOOFTAA ISLAAMUMMAA KEESSATTI
QUR'AANA
KAAYYOON JIREENYAA MAALI?
HUBANNOO DOGONGORAA ISLAAMAAN WAL ILAALLATU
Mirga Dubartootaa Islaamummaa Keessatti
DINQII SAAYINSAWA A QUR'AANA
DU'A & AAKHIRA ISLAAMUMMAA KEESSATTI


# DINQII SAAYINSAWA A QUR'AANA

OROMI | (09/10) العلوم في الإسلام | FREE COPY

Rabbin ol'aanaan akkana jedhaa:
"Dhugaa ta'uun isaa (Qur'aanaa) hanga isaaniif ifa ta'utti, nuti mallattoowwan keenya moggaa (samii) fi lubbuu isaanii keessatti isaan agarsiifna"

Qur'aana 4:53




Your Path To Peace..

مركز المعلومات الإسلامي
Islamic Information Center
للتعريف بالإسلام

جمعية دار البر
Dar Al Ber Society
www.daralber.ae

الإمارات
THE EMIRATES

تصريح رقم:
(2017/139)
دائرة الشؤون الإسلامية والعمل الخيري
Islamic Affairs & Charitable Activities Department

www.islamicic.com


CONTENTS

























Qur'aanni, kitaabni Islaamaa, kitaaba Rabbbi irraa gara dhala namaatti buufame keessa isa dhumaa fi sansalata buuyii dhaamsaa Nabiyyootaaf kenname keessaa isa dhumaa dha.

Qur'aanni qulqulluun (waggoota 1,400 oliin dura kan bu'e) adda durummaan kitaaba saayinsii ta'uu baatus, guddina teeknooloojii fi beekumsa saayinsiitiin kan ka'e, dhugaawwan saayinsii dhiheenya kana qofa argaman kan of keessaa qabateedha.

Islaamummaan yaadaa fi qorannoo saayinsii ni jajjabeessa. Sababni isaas, maalummaa uumamaa hubachuun namoonni kabaja Uumaa isaaniif qaban akka dabalu fi hamma dandeettii fi ogummaa rabbii akka dinqisiifatan waan dandeessisuufi.

Yeroo Qur'aanni bu'u guddinni saayinsii jalqaba irra ture. Yeroo sanitti Teleskooppii, maaykirooskooppii ykn wanti teknooloojii har'aatti itti fayyadamnu hin jiru ture.

Namoonni aduun lafa irratti akka naannoftu fi samiin golee lafa diriiraa irratti utubaadhaan akka fannifame amanu turan. Haala kanaan Qur'aanni kan bu'e yoo ta'u, dhimmoota qorannoo hawaa (Astronomy) irraa kaasee hanga Qoronnoo lubbuu fi lubbuu qabeeyyii (Biology), qorannoo lafaa (Geology) fi qorannoo bineensotaa (Zoology) irratti dhugaawwan saayinsawaa hedduu ifatti kaa'e.

Dhugaawwan saayinsii hedduun Qur'aana keessatti argaman keessaa muraasni kanaan gadittii eeramanii jiru:

## 1 Ka'umsa Jireenyaa

> **Rabbiin Ol'aanaa akkana jedha: "Bishaan irraas lubbu qabeeyyii hunda ni uumne. Sila hin amananuu?"**
>
> Qur'aana 21:30

Bishaan akka ka'umsa lubbu qabeeyyii hundaatti akeekama. Lubbu qabeeyyiin hundi seelii irraa kan hojjetaman yoo ta'u, seelonni baay'inaan bishaan irraa akka hojjetaman ni beekna.

Kunis kan argame erga maaykirooskooppiin kalaqamee booda qofa. Gammoojjii biyya Arabaa keessatti, namni tokko ka'ee jireenyi lafaa hundi bishaan irraa akka dhufe tilmaamuun waan hin yaadamne ta'a.

## 2 Guddina Miciree Namaa

Rabbiin sadarkaa guddina miciree namaa ni dubbata:

> ***"Dhugumatti, Nuti ilma namaa qulqulluu (cunfaa) dhoqqee irraa ta'e irraa uumne. (12) Sana booda coba bishaan saalaa kan iddoo tasgabbaa'aa, mijaa'aa (gadaamessa) keessatti isa taasifne. (13) Sana booda bishaan saalaa dhiiga ititaa (al-alaqah) taasifne; ergasii dhiiga ititaa muraa foonii taasifne; (14)"***
>
> Qur'aana 23:12-14

Jechi Arabiffaa "Al-Alaqah" jedhu hiika sadii qaba: dhulaandhula, waan fannifamee fi dhiiga dhangala'aa.

"Al-Mudghah" jechuun immoo wanta alaanfatame (daakamee) jechuudha. Saayintistoonni qorannoo guddina miciree gadaameessa keessaa (embryology) qoratan itti fayyadamni jechoota kanaa uumama miciree ibsuu keessatti jechoota kana fayyadamuun sirrii fi hubannoo saayinsii amma sadarkaa guddina micireewwanii irratti qabnu waliin kan walsimudha..

Waa'ee sadarkaa fi ramaddii miciree namaa hanga jaarraa 20ffaatti waan xiqqootu beekama ture. Kana jechuun ibsi miciree namaa Qur'aana keessatti kenname beekumsa saayinsii jaarraa 7ffaa irraa ture irratti hundaa'uu hin danda'u jechuudha.

CONTENTS






























## 3 Babal'ina Uumama Cufaa

Yeroo qorannoon hawaa (Astronomy) jalqabaa ta'etti Qur'aana Qulqulluu irraa keeyyatni armaan gadii bu'e:

***"Samiis humnaan ishee ijaarre; dhugumatti, nuti (ishee) bal'isoodha." "***

Qur'aana 51:47

Hiika keeyyata armaan olitti ibsame keessaa tokko Rabbin uumama (i.e. samii) bal'isuu isaati. Hiikoonni biroon immoo Rabbiin uumama kan eeguu fi aangoo irratti akka qabu keessatti hammata.

Uumamni babal'achaa jiraachuun isaa (fakkeenyaaf, pilaaneetonni walirraa fagaachaa jiraachuun) jaarraa darbe keessa argame. Ogeessi fiiziksii Isteefan Hawking kitaaba isaa "A Brief History of Time" jedhu keessatti akkas jedhee barreesse:

"Argannoon uumamni babal'achaa jira jedhu warraaqsa sammuu guddaa jaarraa 20ffaa keessaa tokko ture."

Qur'aanni osoo teleskooppii hin kalaqamin durallee babal'ina uumamaa ni ibsa!

## 4 Sibiilli Gadi Ergame

Sibiilli lafa irratti hin uumamne. Hawaa irraa gara keenyatti dhufe. Waggoota biliyoonaan lakkaa'aman dura, lafti urjilee sibiila fee'anii fagoo irraa dhufanii dhoo'aniin akka rukutamte saayintistoonni argataniiru.

***"Sibiilas kan isa keessa humna cimaafi namootaaf bu'aawwan jiru goonee buufneerra."***

Qur'aana 57:25

Rabbiin keeyyata kana keessatti gaalee "Nuti gad buufne" jedhu fayyadame jira. Yaadni saayinsii cimaan sibiilli karaa urjii dhukaasaa (Meteors) gara lafaatti gadi ergame jedhu ni jira. Kunis waan saayinsii jalqabaa jaarraa 7ffaa irratti argachuu hin dandeenyedha.

## 5 Eegumsa Samii

Samiin lafaa fi jiraattota ishee balaqqeessa aduu ajjeesaa ta'e fi qorra hawaa irraa eeguu keessatti gahee guddaa qaba.

Rabbiin inni hundumaa danda'u keeyyata armaan gadii irratti gara samii akka ilaallu nu waama:

***"Samiis jaarmaya (kan gubbaa) eegamaa isa taasifnee jirra. Garuu isaan mallattoolee ishee irraa garagalu."***

Qur'aana 21:32

Qur'aanni eegumsa samii akka mallattoo dandeettii Rabbiitti akeeka. Garuu, qabiyyeen eegumsaa kun qorannoo saayinsii jaarraa 20ffaa keessa gaggeeffameen argame.

CONTENTS







## 6 Gaarreen

Rabbii amala addaa gaarreen qaban keessa tokko irratti xiyyeeffannaa keenya harkisa:

Qur'aanni jecha "Utuba" jedhu fayyadamuun hundee gadi fagoo gaarreenii sirritti ibsa. Fakkeenyaaf gaarri Everest lafa irraa tilmaamaan olka'iinsa 9km kan qabu yoo ta'u, hundeen isaa ammoo 125km ol gadi fageenya qaba!

***"Sila Nuti dachii firaasha hin goonee? Gaarreenis chikaala (utubaa) [hin goonee]?"***

Qur'aanaa 78:6-7




Gaarreen hundee gadi fagoo, "akka-chikaalaa" qabaachuun isaanii hanga yeroo guddina tiyooriin "gabatee tektooniksii" (plate tectonics) jalqaba jaarraa 20ffaatti hin beekamu ture. Akkuma Rabbii inni hundumaa danda'u Qur'aana qulqulluu keessatti ibsu: "Gaarreenis akka isiniin hin sochooneef dachii keessatti godhe" (Qur'aanaa 16:15), dhugaan kun yeroo dhiyoo asitti saayinsiidhaan hubatame.

## 7 Orbitii Aduu

Bara 1512tti, hayyuun urjii Niikoolaas Kopernikaas, aduun wiirtuu sirna aduu irratti akka hin sochoone, akkasumas pilaaneetonni naannoo ishee akka naanna'an yaada isaa dhiheesse ture. Yaadni kun hanga jaarraa 20ffaatti ogeeyyii urjii biratti babal'atee ture. Yeroo dhihoo asitti aduun dhaabbataa akka hin taane fi orbitii naannoo wiirtuu galaaksii Milkii Weey keessa socho'uun ishee dhugaa mirkanaa'eedha. Qur'aanni ni Akeeka:

***"Sila Nuti dachii firaasha hin goonee? Gaarreenis chikaala (utubaa) [hin goonee]?"***

Qur'aana 78:6-7

***"Inni Isa halkaniifi guyyaa, aduufi baatii uumeedha; hunduu orbitii (isaanii) keessa daaku (deemu)."***

Qur'aana 21:33

## 8 Dambalii Keessoo Galaanaa Keessatti

Duraan dambaliin kan uumamu galaana gubbaa qofa jedhamee yaadamaa ture. Haa ta'u malee, ogeeyyiin galaanaa dambalii keessoo lafa jalatti raawwataman kan ija namaatiin hin mul'anne fi meeshaalee addaa qofaan ilaalamuu danda'an akka jiran ni ibsu. Qur'aanni ni Akeeka:

***"… galaana gadi fagoo ta'e keessa jiru, kan danbaliin gubbaa isaa danbaliin (biraa) jiru kan isa gubbaa duumessi jiru haguuguuti(Isheen kun) dukkana gariin ishee garii gubbaa jirtuudha."*** Qur'aana 24:40

CONTENTS






Ibsi kun kan nama ajaa'ibu dha. Sababni isaas waggoota 1,400 dura meeshaan addaa galaana gadi fagoo keessatti danbalii keessoo galaanaa adda baasuu danda'u waan hin jirreef.

## 9 Sobuu fi Socho'uu

Bara Nabi Muhammad ﷺ ture kessatti geggeessaa gosaa cunqursaa ta'e jira ture. Yeroo sanitti rabiin isa akeekkachiisuuf keyyata armaan gadii buuse:

*"Haa dhorkamu; yoo inni (Abuu Jahal) dhorkamuu baate, sammuu qabna. (15) Sammuu sobduu, dogoggortuu taate (qabna).(16)*

**Qur'aana 15-16**


Rabbii nama kana sobduu qofa jedhee hin ibsine. Garuu, morma isaa (kutaa sammuu fuulduraa) 'soba' fi 'cubbamaa' jedhee waama. Hojii isaa akka dhaabus akeekkachiisa. Qorannoon hedduun akka agarsiisanitti, kutaan sammuu keenyaa inni fuulduraa (frontal lobe) sobaa fi fedhiidhaan sochii gochuuf itti gaafatamummaa qaba. Hojiiwwan kunniin meeshaalee suuraa yaalaa kan jaarraa 20ffaa keessa hojjetamaniin kan argamanidha.

## 10 Galaana lamaan gonkumaa wal hin Makanne

Galaana ilaalchisee Uumaan keenya akkas jedha:

> *"Sibiilas kan isa keessa humna cimaafi namootaaf bu'aawwan jiru goonee buufneerra."*
>
> **Qur'aana 55:19-20**

Humni fiizikaalaa dhiibbaa lafa irraa (Surface Tension) bishaan galaanota ollaa jiran akka hin makamne dhorka. Kunis garaagarummaa rukkina bishaan kanaa irraa kan ka'edha. Akka waan dallaan haphiin giddu isaanii jiruutti ta'a. Kun yeroo baayyee dhiheenya kana ogeeyyii galaanaatiin kan argamedha.



CONTENTS






























# Muhammad Qur'aana qindeessuu ni danda'a ture?

Seenaa keessatti nabi Muhaammad ﷺ nama dubbisuu fi barreessuu hin dandeenye ta'uun beekama. Dubbisuu fi barreessuu danda'uu dhabuu fi damee sirrii ta'uun saayinsii Qur'aana keessatti argamuuf sababa ta'uu danda'u kamiinuu hin baranne.

Namoonni tokko tokko namoota barumsa qaban ykn saayintistoota bara isaa turan irraa qur'aana akka waraabe dubbachuu danda'u. Osoo waraabamee tilmaamni saayinsii sirrii hin taane yeroo sanaa hundi akka waraabamu arguuf eegna turre. Garuu, Qur'aanni dogoggora kan saayinsiis ta'e kan biraa tokkollee akka hin qabne arganna.

Namoonni tokko tokkos akkuma dhugaawwan saayinsii haaraan argamaniin Qur'aanni jijjiirame jechuu danda'u. Kun ta'uu hin danda'u. Sababiin isaas, Qur'aanni afaan jalqabaa isaatiin eegamuun isaa dhugaa seenaa keessatti galmaa'e waan ta'eef, kunis mataan isaa dinqiidha!

Namoonni tokko tokkos akkuma dhugaawwan saayinsii haaraan argamaniin Qur'aanni jijjiirame jechuu danda'u. Kun ta'uu hin danda'u. Sababiin isaas, Qur'aanni afaan jalqabaa isaatiin eegamuun isaa dhugaa seenaa keessatti galmaa'e waan ta'eef, kunis mataan isaa dinqiidha!

# Akka Tasaatii?

Waraqaa paamfileetin kun dinqii saayinsiwwan qur'aana kessatti ibsaman qofa irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, gosootni dinqiin qabatamaa Qur'aana Qulqulluu keessatti caqafaman hedduutu jiru. Isaan keessa kanneen akka:

*"Dhugaa ta'uun isaa (Qur'aanaa) hanga isaaniif ifa ta'utti Nuti mallattoowwan keenya moggaa (samii)fi lubbuu isaanii keessatti isaan agarsiifnalnni waan hunda irratti to'ataa ta'uun Gooftaa keetiif hin ga'uu?"*

**Qur'aana 41:53**

Dinqiiwwan seenaa, raajiiwwan raawwataman, akkaataan afaanii fi ogbarruu adda ta'e, akkasumas dhiibbaa guddaa qur'aanni dhaggeeffataa irratti qabu fi kkf dha. Dinqiiwwan kun hundinuu akka tasaa ta'uu hin danda'an. Kana mannaa, Qur'aanni Qulqulluun Rabbii, Uumaa seera saayinsii hundaa kan ta'e irraa akka ta'e ragaa ifa ta'aadha.

Nabiyyoota hunda ergaa tokkoon kan erge Rabbii tokkicha dha. Rabbii tokkicha qofa waaqeffachuu fi barsiisa ergamtoota isaa hordofuun ajaje jira.

Qur'aanni kitaaba qajeelfamaa yoo ta'u, Rabbii ilmaan namaa kaayyoo malee akka jiraataniif kan hin uumne ta'u kan ibsudha. Kana mannaa, jireenya keessatti kaayyoo ol aanaa fi hiika qabu akka qabnu nu barsiisa. Guutummaa fi adda ta'uu Rabbiitif raga bahuu fi isaaf ajajamuu of keessatti qabata.

Tokkoon tokkoon namaa sammuu fi dandeettii loojikii isaa fayyadamuun caqasoota rabii calaqqisiisuu fi adda baasuun kan isaati. Qur'aanni mallattoo mallattoolee hunda caaludha. Milkaa'uuf bareedinaa fi dhugaa Qur'aana keessa jiru dubbisii argadhu.

CONTENTS


SEENSA ISLAAMUMMMAA

NABIYYII MUHAMMAD

Almasiih Iisaa ilma Maryam Ergamaa Rabbii

YAAD-RIMEE GOOFTAA ISLAAMUMMAA KEESSATTI

QUR'AANA Mul'ata dhumaa dhala namaaf

KAAYYOON JIREENYAA MAALI?

HUBANNOO DOGOGORAA ISLAAMAAN WAL IJAALLATU

Mirga Dubartootaa Islaamummaa Keessatti

DINQII SAAYINSAWAA QUR'AANA

DU'A & AAKHIRA ISLAAMUMMAA KEESSATTI


# DU'A & AAKHIRA ISLAAMUMMAA KEESSATTI

OROMI | (10/10) الموت والآخرة في الإسلام | FREE COPY

*"Lubbuun hunduu du'a ni dhandhamti"*

*Qur'aana 29: 57*


Dar Al Ber Society
www.daralber.ae

الإمارات THE EMIRATES

*Your Path To Peace..*

مركز المعلومات الإسلامي
Islamic Information Center
www.islamicic.com

تصريح رقم: (2017/139)
دائرة الشؤون الإسلامية والعمل الخيري
Islamic Affairs & Charitable Activities Department

CONTENTS
































# Duuti Dhiyoodha

> ***"Eessallee yoo taatan duuti isin argata. Osoo gamoowwan ciccimoo keessa taatanillee (isin irraa hin hafu)"***
>
> Qur'aana 4:78

Duuti dhugaa namni tokkollee jalaa miliquu hin dandeenyedha. Guyyaa guyyaan, sa'aatii hundaafi daqiiqaa hunda kessatti kan namatti dhihaatudha. Akka Ejensii Odeeffannoo Giddugaleessaa (CIA) World Factbook bara 2007tti, seekondii tokkotti tilmaamaan namoonni lama du'u. Kunis, waggaatti gara namoota miliyoona 57.9tu du'a jechudha. Namni kamiyyuu umurii, fayyaa, seenaa, sadarkaa hawaasummaa, yookaan sodaa rabbii qabaachuu osoo addan hin baasin hiree hin oolle kana ni ga'a.

Mootonni darban, dureeyyii fi warri humna qaban eessa jiru? Warri yeroo tokko namoota babbareedoo, beekamoo, fi hayyoota filatamoo turan hoo?

# Dhugummaa Du'aa

Duuti balaa gaddisiisaa osoo hin taane, sadarkaa jireenya addunyaa kana irraa gara jireenya boodaatti ce'uu qofaadha. Kun immoo kaayyoo jireenyaa lafa kanaa fi du'aan booda maaltu akka nu mudatu hubachuu fi xiinxaluuf nu kakaasuu qaba.

Rabbiin kaayyoo inni nu uumeef isaa gabbaruuf qofa. Kaayyoo guddaa kana eenyu akka galmaan ga'u ilaaluuf jireenyi kun qormaata akka ta'e Qur'aana keessatti nu beeksisee jira:

**"Jinniifi ilma namaa akka Ana qofa gabbaraniif malee hin uumne. "**

Qur'aana 51:56

Rabbiin kaayyoo uumama du'aa fi jireenyaa duuba jirus nuu beeksiseera:

**" (Rabbiin) Isa eenyuu keessantu irra toltuu akka hojjatu isin qoruuf jecha du'aafi jireenya uumeedha"]**

Qur'aana 67 : 2

Namni tokko tajaajila awwaalchaa dursee kaffaluun yookaan dursee saanduqa awwaalchaa filachuudhaan du'aaf hin qophaa'u. Kaayyoon dhugaa jireenyaa sanaaf ta'u hojjechun qophaa'a. Kunis, Rabbii tokkicha gabbaruu, akka ajaja isaa jiraachuu, fi hojii gaarii raawwachuudha. Yaad-rimeen ibaadaa Islaamummaa keessatti gama jireenyaa hundaa kan hammate yoo ta'u, salaata qofa irratti kan daangeffame miti. Kanaa malees, gochi Rabbiin gammachiisu hundinuu akka bifa ibaadaa tokkootti ilaalama. Mindaa isaas addunyaa kanaa yookaan aakhirattis ni badhaafama.

CONTENTS

































# Yeroo Du'aa

***"Lubbuun kamuu waan boruuf dabarfatte haa ilaaltu."***

Qur'aana 59:18

Guyyaa guyyaan fakkeenya du'aa argina. Yeroo hunda duuti akka nagaa waan dhukkubbiis ta'e jeequmsa hin qabne ta'uun dirqama miti.

Namni tokko yommuu du'u, lubbuun isaa qaama isaa keessaa baatee, qaamni alaa isaa haala lubbuu sanaa calaqqisiisuu dhiisuu danda'a.

Nagaan yookaan tasgabbii dhabuun lubbuu bu'aa kallatti namni tokko jireenya kana keessatti kaayyoo isaa hangam akka raawwate kan calaqqisu malee sababa du'aa wajjin walitti dhufeenya hin qabu.

Mee fakkeenya namoota lamaa bakka kanaan dura dhaqanii hin beekne tokkotti deemuuf tikkeettii karaa muran haa ilaallu. Namni jalqabaa yeroo fudhatee waa'ee afaan, aadaa, gochaalee fi odeeffannoo bakka itti imalu waliin walqabatan barata. Maallaqa fi talaallii sirrii argata. Yeroon imala gaafa ga'u osoo hin ajaa'ibsiifatin bakka sana ga'a. Akka gaariitti waan qophaa'eef nagaa fi tasgabbiii qaba.

Faallaa kanaatiin, namni lammaffaan qophiidhaaf kan hin yaaddofne yoo ta'u, hanga yeroon imala ga'utti jireenya idileema jiraata. Yeroo karaa seenu sodaatee fi burjaaja'ee bakka hin beekamne ga'a. Wantoonni inni fide hundi faayidaa tokkollee waan hin qabneef, qophii dhabuun isaa hiree sodaachisaa akka isa mudatu isa taasisa.

Rabbiin Qur'aana  keessatti Nama of eeggannoo hin qabne akkasii yeroo ibsu akkana jedha:

**"Yeroo tokkoon isaaniitti duuti dhufu ni jedha: "Gooftaa kiyya! Na deebisi Ani waaniin dhiise keessatti gaarii hojjachuun kajeela." Lakkii! Isheen kun jecha inni ishee jedhu (qofa)Hanga guyyaa kaafamaatti, isaan duuba cufaatu jira."**

Qur'aana 23 : 99-100

Akkuma Qur'aana keessatti arginu namoonni Jahannamaa galan sababa itti galaniif yeroo gaafataman akkana jedhu:

**"Ni jedhan: "nuti warra salaatan irraa hin turre. Hiyyeeyyii kan nyaachifnus hin turre;Warra (hamtuu) keessa seenuu wajjin seenaa turre; Guyyaa mindaas kan sobsiifnu turre;Hanga (duuti) mirkanaayaan nutti dhufutti (haala kana irra turre)" (jedhu)**

Qur'aana 43-47

Hundi keenya du'a waliin guyyaa bellama qabna. Hundi keenya gara bakka hin baramne kanaatti ni imalla. Of gaafadhu! Isaaf qophoofteettaa?


CONTENTS


























# Kaayyoo Jireenyaa

Jireenyi qormaata du'aan xumuramuudha.Garuu dhuma jireenya namaa kan agarsiisu miti. Gaafa duuti dhufu carraan waan gaarii hojjechuu ni dhaabata. Dhiifama gaafachuun (tawbachuun) yeroon isaa ni darba. Hireen nama tokkoo immoo amantaa fi gocha umurii gabaabaa kana keessatti raawwate irratti hundaa'uun murtaa'a.

*"Sila Nuti taphumaaf isin uumnee yaadduu? Ammas isin gara keenyatti deebifamuu dhabuu yaadduu? "*

Qur'aana 23 : 116

Jireenyi namaa bakka lamatti qoodama: jireenya addunyaa keessatti yeroo gabaabaaf turuu fi jireenya boodaa (aakiraa) keessatti jireenya bara baraa. Sammuun nagaa qabu kamiyyuu gammachuun bara baraa gammachuu yeroo gabaabaa lafa irratti argamu caalaa baay'ee faayidaa akka qabu ni hubata.

Rabbii nama uume, sirrii fi dogoggora addaan baasuuf bilisummaa filannoo fi sababa kenneef gocha isaatiif akka itti gaafatamu taasiseera. Jireenyi boodaa kan qajeelonni itti badhaafamanii fi jal'oonni itti adabaman osoo hin jiru ta'e, kun haqa Rabbii isa guutuu ta'e kan faallessu ture.

Kanaafuu, ulaagaalee haqaaf barbaachisan keessaa tokko Guyyaan Qiyaamaa lubbuun hundi hojii isheetiif itti gaafatamu isheeti.

**"Sila Nuti muslimoota akka yakkamtootaa ni goonaa? Maalumatu isiniif jira? Akkamitti murteessitu! "**

Qur'aana 68 :35-36

# Guyyaa Qiyaamaa

Jireenya kana keessatti hojiin nama hundumaa of eeggannoodhaan barreeffamee galmaa'ee jira, akkuma Rabbii jedhe:

**"Galmeenis kaa'amee, yoma san badii raawwattoota waan isa keessa jiru irraa sodaatoo ta'anii isaan agartaNi jedhus: "Yaa badii keenya! Kitaabni kun kan xiqqoofi guddoos ishee walitti qabu malee hin dhiifne maaluma!" Waan hojjatan dhiyaataa ta'ee argu. Gooftaan kee tokkollee hin miidhu."**

Qur'aana 18: 49

*" (Yaa Muhammad! ammas yahuudotaan): "dhugumatti, duuti inni isin isa irraa baqattan sun isinuma argata. Ergasii gara beekaa fagoofi dhihoo ta'eetti deebifamtanii waan isin dalagaa turtan isinitti hima" jedhiin"*

Qur'aana 62 :8

CONTENTS






Booda irraa sirrummaa galmeen kun kan gocha keenya hunda of keessaa qabu ni dinqisiifanna.Gocha yeroo dheeraaf daganne nu yaadachiisa. Akkuma Rabbii inni hundumaa danda'u jedhu:

**“ (Isaan) kan dagatan ta’anii Rabbiin beekee galmeessera. ”**

Qur’aana 58 : 6

Kana irratti gadi fageenyaan xiinxaluun cubbuun kamuu guyyaa qiyaamaa Rabbiin fuulduratti akka nurratti galmaa’ee fi saaxilamun jiraachu osoo beeknuu hojjachuutti akka qaanofnu nu taasisuu qaba.

Namoota dandeettii Rabbiin du’aa kaasuu fi murteessuu shakkaniif Rabbiin kaafirootan akkana jedhee caqaseera: “Erga isheen bututtee lafee eenyutu jiraachisa?” jedhe; ergamaan Rabbii ﷺ

**akkana jedhe deebisaaf: “Isa yeroo jalqabaa ishee uumetu jiraachisa” jedhi Inni uumama hunda beekaadha ”**

Qur’aana 36 : 78-79

# Jannataa fi Jahannamaa

Warri Rabbiin tokkicha ibaadaa malu ta’uu isaatti amanan fi hojii gaggaarii hojjatan jannata ni argatu.

Rabbiin kitaaba isaa keessaatti ni caqasaa:

**“Dhugumatti, warri jannataa har’a dalagaan qabamanii gammachuun guutamu. Isaaniifi niitiiwwan isaaniis gaaddisa keessa, sireewwan irratti hirkatu. ”**

Qur’aana 36 :55-57

Rasuulli Muhaammad ﷺ akka himanitti Rabbiin akkana jedhe:

**“ Ani gabroota koo warra qajeelotaaf , Wanta iji hin argine, gurri hin dhageenye, garaan namaa illee yaaduu hin dandeenye qopheesseen jira.” Al-Bukhaarii (4779) fi Muslim (2824) irraa odeesse.**

Faallaa kanaatiin, warri kafaranii fi Tokkummaa Rabbii gananii gara Jahannamatti hiree ta’u, achitti itti himama:

“Isheen kun jahannama ishee waadaa isiniif galamaa turteedha.

**Waan kafaraa turtaniif har’a ishee seenaa” (jedhamaani).** ”

Qur’aana 36 : 63-64

CONTENTS




Warri hin amanne immoo adabbii cimaa ni argatu.

Rabbiiin akkana jedha: **“Dhugumatti jahannam waldaa taateetti.Warra daangaa dabraniif iddoo deebiiti. Yeroo dheeraaf ishee keessa turu. Ishee keessatti qabbanas ta'ee dhugaatii hin dhandhamanu. Bishaan akkaan danfaafi malaa malee [dhugaatii biraa hin argatanu] Mindaa wal madaalu [mindeeffaman]. Isaan qormaata hin sodaatanu turan. Keeyyattoota keenyas kijibsiisuu kijibsiisan. Wanta cufaayyuu haala barreeffameen walitti qabne. “Dhandhamaa; azaaba malees isiniif hin daballu” [isaaniin jedhama].**

Qur’aana 78: 21-30

# Xuumuraa

Hundi keenya yeroo gabaabaa keessatti waamicha du'aa akka deebisnu haa yaadannu. Kanaaf jireenya kana keessatti galma keenya Rabbiin gammachiisuun jireenya boodaaf haa qophoofnu. Addunyaan kun marsaa yeroof qofa waan ta’eef, ogummaadhaan qabachuu qabna.Of fooyyessuu fi namoota biroo gargaaruuf carraaqu qabna.Akka nuti addunyaa kanaa fi jireenya boodaa keessatti milkaa’oo ta’an keessaa tokko ta’uuf.

Rabbin akkana jedha: **“Yaa namootaa! Gooftaa kee kan Arjaa ta'etti (amanuu irraa) maaltu si gowwoomse? Isa si uumee, ergasii si guutee, si sirreesse, Boca fedhe keessatti walitti si qabe (sanarraa maaltu si gowwoomse)? Dhorgamaa! Dhugumatti, guyyaa murtii ni sobsiiftu. ”**

Qur’aana 82: 6-9

Duuti dhugaa hin oolle yoo ta’u, kaayyoon keenya jireenya keessatti Rabbiin tokkicha gabbaruu, hojii qajeelaa raawwachuu fi waan dhoowwame hunda irraa fagaachuudha. Hireen keenya gocha keenya ammaa irratti hundaa’uun murtaa’aa. Yookaan carraa kana fayyadamnee gammachuu Jannataa mirkaneessuu dandeenya, yookaan immoo qisaasessuu fi Jahannam keessatti dararamaa of irratti murteessuu dandeenya.

***“Rabbin akkana jedha: Dhugumatti, warri toltuu hojjatan qananii keessa jiraatu Warri hamtuu hojjatan immoo ibidda keessa jiraatu. ”***

Qur’aana 82:13-14

مركز المعلومات الإسلامي
Islamic Information Center
للتعريف بالإسلام

Part of the

# ISLAMIC e-LIBRARY

Learn more about Islam with our informative and educational materials, translated to over 50+ languages

Quran Flyers Books

iicdxb.com/flyers

@islamicicdxb